**XIINXALA DOGOGGORA KEEYYATA AFAAN OROMOOTIIN BARREESSUU: BARATTOOTA YUUNIVARSIITII JIMMAA DIGIRII JALQABAA, WAGGAA LAMMAFFAA, AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARATAN IRRATTI XIYYEEFFACHUUN**

**QORATAAN: DASSAALENY TASHOOMEE**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU ITTIIN GUUTTACHUUDHAAF QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTI DHIYAATE.**

**HAGAYYA, 2014**

**JIMMAA**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAATTI DAMEE BARNOOTA AFAAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF KAN DHIYAATE**

# XIINXALA DOGOGGORA KEEYYATA AFAAN OROMOOTIIN BARREESSUU BARATTOOTA YUUNIVARSIITII JIMMAA DIGIRII JALQABAA WAGGAA LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARATAN.

**QORATAAN: DASSAALENY TASHOOMEE**

**GORSAAN: DR. TASHOOMEE BALAAYINEE**

**GORSAA GARGAARAA: MARGAA ABBABAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOF OGBARRUU ITTIIN GUUTTACHUUDHAAF QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAATTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF KAN DHIYAATE**

**HAGAYYA, 2014**

**JIMMAA**

# Axereeraa

*Kaayyoon guddaan qorannoo kanaa dogoggora keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu keessatti barattootni Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa bara 2012 Afaan Oromoofi Ogbarruu baratan uuman xiinxaluun qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf mala qorannoo makaa (akkamtaafi hammamtaan) adeemsifamee jira. Qorannichis, odeeffannoo mala qormaataafi afgaaffii cufaafi banaan funaanamee xiinxalamuun jechootaan kan ibsamanii qaaceffamaniifi lakkoofsaan kan sadarkeefamanidha. kanaafuu malli qorannichaa mala makaati. Baay'inni barattoota dhiiraa 21fi barattoota dubaraa 31 walumaa galatti, barattoota 52 yommuu ta'an akkuma jirutti fudhachuun hima ijoo keeyyata shan qopheessuun shan keessaa kan barbaadan filachuun akka isaan keeyyata tokko barreessan taasifamee jira. Odeeffannoon haala kanaan kan sassaabame yommuu ta'u, barsiisota barattoota kana kallattumaan daree seenanii barsiisan dhiira lama gaaffilee afaanii dhimma keeyyata barreessuun walqabate qopheessuun gaafachuun odeeffannoon funaanamee kan qaacceffamedha. Argannoon qorannichaa akka mul'isutti dogoggorri qubeessuu, sirna tuqaaleefi caasluga irratti uumaman mul'atanii jiru. Gosoota dogoggoraa qormaata barattootaarraa irra caalaatti kan mul'isu barattoonni hedduun isaanii rakkoo qubeessuu 26 (50%) kan qaban yemmuu ta'an, rakkoo sirna tuqaalee 11 (21%), rakkoo caaslugaa 6 (11.5%), rakkoo walta'iinsaa 4 (7.6%), rakkoo qubguddeessaa 3(5.7%), fi rakkoo filannoo jechootaa 2(3.8%) ragaadhaan sakatta'ameera. Maddoonni dogoggoroota kunneeniis: shaakala fedhii keeyyata barreessuu dhabuu barattootaa, yeroo keeyyata barreessan (shaakalan) xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu fi dogoggora uumamuuf dhimma dhabuu, mana barnootaa sadarkaa gadaanaatti seeraan barsiifamuu dhabuu barattootaa, lakkoofsi barattoota daree tokko keessatti argaman baay'achuufi tokko tokkoo barattootaaf yaada sirreeffamaa (duub-deebii) kennuun akka rakkisaa ta'a kan jedhan ibsamanii jiru. Akka furmaataatti ammoo, barsiisonni sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa keessatti Afaan Oromoo barsiisaa jiran dhimmamuun yeroo barattoonni keeyyata barreessuu shaakalan akka fedhii qabaatanii barreessan jajjabeessuufi kakaasuu, gama biraatiin lakkoofsi barattoota sadarkaa tokkoffaa daree tokko keessatti baratan kan madaalame gochuu, hanga danda'ametti yeroo shaakala keeyyata barreessuu barsiisonni duub-deebii isaaniif kennuu, barattoonni yeroo keeyyata barreessuu shaakalan dogoggora uumamuuf dhimma dhabuu dhiisuun xiyyeeffannoo kennuun gargaaruufi mana barnootaa sadarkaa gadaanaa keessatti barattoonni seeraan akka isaan barsiifaman gochuu.*

# Galata

Duraan dursee Waaqayyoo koo asiin na ga'en galateeffadha. Itti aansuudhaan qorannoo koo kana jalqabaa kaasee hanga xumuraatti yeroo, beekumsaa fi dandeettii isaanii aarsaa gochuudhaan nuffiifi ifannoo tokko malee dogoggoraafi hanqina koo natti himuudhaan hooggansaa fi sirreessa barbaachisu kan naaf gochaa turan gorsaa koo Dr. Tashoomee Balaayinee baay'een galateeffadha. Itti aansuunis, itti aanaa gorsaa koo barsiisaa Margaa Abbabeef galanni koo guddaadha. Kana malees, yeroo odeeffannoo qorannoo kootiif ta'u kan karaa naaf saaqan Dr. Taayyee Guddataa utuu hingalateeffatiin hindarbu. Itti dabalees, barsiisota Yuunivarsiitii Jimmaa barattoota qorannoon kun irratti geggeeffame barsiisan qormaata barattootaaf dhiyaate guutummaa guutuutti loogii tokko malee sororsuun qabxii itti kennuun yeroo isaanii aarsaa guddaa kan naaf godhan bararsiisaa Mahaadiifi barsiisaa Daandii galanni guddaaan an isaaniif qabu yoomiyyuu kan dagatmu miti.

# BAAFATA


Axereeraa ..... ii

Galata ..... iii

Baafata Gabatee ..... vi

BOQONNAA TOKKO: SEENSAA ..... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ..... 3

1.3 Kaayyoo Qorannichaa ..... 4

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ..... 4

1.3.2 Kaayyoo Gooree ..... 5

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 5

1.5 Daangaa Qorannichaa ..... 5

1.6 Qindoomina Qorannichaa ..... 6

1.7 Hanqina Qorannichaa ..... 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’IINSA BARRUUWWANII ..... 8

2.1 Maalummaa Barreessuu (Yaadrimee Barreessuu) ..... 8

2.2 Faayidaa Dandeettii Barreessuu Barachuu ..... 9

2.3 Amaloota Barreeffama Gaarii ..... 10

2.4 Barreessuu Barsiisuu ..... 11

2.4.1Gahee Barsiisaa ..... 12

2.4.2Gahee Barataa ..... 12

2.4.3 Gahee Meeshaalee Deeggarsaa ..... 13

2.5 Tooftaalee Dandeettii Barreessuu Shaakalsiisuu Gargaaran ..... 13

2.5.1 To’annooo ykn Daangeffamaan Barreessuu ..... 13

2.5.2 Hoggansa Ykn Qajeelfamaan Barreessuu ..... 14

2.5.3 Walabaan Barreessuu ..... 14

2.6 Gulantaalee Barreessuu Ittiin Barsiifaman ..... 15

2.7 Sakatta’a  Qorannoowwan Walfakii ..... 17

2.8 Rakkoolee Dogoggora Dogongora Barreeffamaan Dhufuu Danda’an ..... 18

2.9 Maalummaa Dogoggoraa ..... 19

2.10 Maddoota  Dogoggoraa ..... 20

2.11 Tooftaalee  Sirreessa Dogoggoraa ..... 21

2.12 Faayidaa  Qaaccessa Dogongoraa ..... 21

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ..... 23

3.1 Saxaxa Qorannichaa ..... 23

3.2 Irraawwatamaa Qorannichaa ..... 23

3.3 Madda Odeeffannoo ... 23
3.4 Iddatteessuu fi Mala Iddatteessuu ... 23
3.5 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname ... 24
3.5.1 Qormaata (Madaallii Dhuunfaa) ... 24
3.5.2 Af-gaaffii Barsiisotaa ... 24
3.6 Mala Xiinxala Ragaa ... 25
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAA FI QAACCESSA RAGAALEE ... 26
4.1 Gosoota Dogoggoraa Barreeffama Keeyyata Keessatti Uumaman ... 27
4.1.1 Dogoggora Qubeessuu Barattootaaa ... 27
4.1.2 Dogoggora Caaslugarratti uumame ... 37
4.2 Gosoota Dogoggora Barreeffamaa Irra Caalaatti Uumaman ... 45
4.3 Maddoota Dogoggoraa ... 46
4.4 Dogoggoroota Uumamaniif Sirreessuuf Tooftaalee Barbaachisoo ... 47
BOQONNAA SHAN: GOOLABA ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA ... 51
5.1 Goolaba ... 51
5.2 Argannoo ... 51
5.3 Yaada Furmaataa ... 53
WABIILEE ... 55
Dabaleewwan ... 57
Qormaata Barattootaaf Dhiyaate ... 57
Afgaffii Barsiisotaaf Dhiyaate ... 57
Bargaaffii Barattootni Kennan ... 58

# Baafata Gabatee

Gabatee 4.1 Qubeewwan dubbachiiftuuwwan dogoggoraan dabalaman . ................................28

Gabatee 4.2 Qubeewwan dubbifamoo dogoggoraan dabalaman ..............................................29

Gabatee 4.3 Qubeewwan dubbifamoofi dubbachiiftuuwwan dogoggoraan dabalaman . ...........31

Gabatee 4.4 Qubeewwan dubbachiiftuuwwan dogoggoraan hambisaman. .................................32

Gabatee 4.5 Qubeewwan dubbifamoo dogoggoraan hambisaman ..............................................33

Gabatee 4.6 Qubeewwan dubbachiistuuwwaniifi dubbifamoo dogoggoraan hambisaman . .......34

Gabatee 4.7Qubeewwan dubbachiiftuuwwan dubbachiiftuuwwan biroon dogoggoraan bakka buusaman ..............................................................................................................................36

Gabatee 4.8 Qubeewwan dubbifamoo dubbifamoo biroon dogoggoraan bakka buusaman ........36

Gabatee 4.9Dogoggora itti fayyadama wal-simannaa mathimaa, anthimaafi gochimaa...............37

Gabatee 4.10Dogoggora itti fayyadama lakkoofsaa hima keessatti agarsiisu...............................40

Gabatee 4.11Dogoggora hima keessatti itti fayyadama koorniyaa fi bamaqaa agarsiisu.............40

Gabatee 4.12Dogoggora jechaa hima keessatti hiika irratti fidu agarsiisu...................................42

Gabatee 4.13Dogoggora qubguddeessaa hima keessatti agarsiisu ...............................................43

Gabatee 4.14Dogoggora sirna tuqaalee hima keessatti agarsiisu .................................................44

Gabatee 4.15 Gosoota dogoggorootaa qormaata barattootaarraa irra caalaatti mul'atan……….. 45

Gabatee 4.16 Maddoonni dogoggora maal maal fa'a akka ta'an addaa bahee kan agarsiisu .......46

Gabatee 4.17 Dogoggoroota uumamaniif sirreessuuf tooftaalee barbaachisoo agarsiisu .............47

Gabatee 4.18 Gosoota dogoggoraa qormaata barattootaarraa saalaan adda bahee agarsiisu ........48

Gabatee 4.19 Afgaaffii cufaa barsiisotaa .........................................................................49

Gabatee 4.20 Afgaaffii banaa barsiisotaa ........................................................................49

# BOQONNAA TOKKO: SEENSAA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Dogoggora jechuun adeemsa barattonni afaan barachuu keessatti gama unkaan, jechaan, seerlugaan, haala galumsaan,ittifayyadama himaan,hiika jechootaafi k.k.f akkaataa barbaachisummaa isaatti kan hinfayyadamnedha. Akkasumas, sababoota adda addaarraan kan ka’e yookaan seerluga afaan biraa itti makuun yaada barbaachisu  keessaa hambisuu akkaa ta’e, hayyoonni adda addaa ibsaniiru. Ellis (1996 : 710) akkaa jedhetti, “errors occur when learners yield deviant structures based on other sturctures of the target language, while ignorance of rule restrictions refers to the applications of rule to inappropriate contexts.” Ellis  (1996) itti fufuun “…incomplete appilication of rules arises when learners fail to develop structure fully , while false concepts hypothesized occur when learners do not completely  understand a distintion  in the target language .” yaada armaan olii irraa kan hubannu dogoggorri kan uumamu yoo seerri caasaa afaan baratamuufi afaan biraa walitti bu’e  akka ta’edha. Seerri afaan tokkoo yoo hojiirraa hinoolle ijaarsi caasaa afaanichaa gatii hinqabu. Akkasumas, wanti sirrii hintaane tilmaama sirrii hintaane barattoota keessatti akka uumudha. Norrish (1987 : 7) akka jedhetti immoo  “error as a systematic deviation when a learner has not learnt something and consistently gets it wrong .” yaada kanarraa kan hubannu barattootni afaan barrachuu keessatti walitti fufiinsaan kallattii barbaadame sanarraa maquun dogoggora jechuu akka ta’e hubanna.

Dogoggoraan barreessuu ilaalchisee Brown (1993:206) akkaa jedhetti, ergaan barbaadame akkaataa barbaadameen akka dubbisaa biraa hingeenye gochuudha.Akkasumas jecha barreessuu keessatti haala jechichi ittiin barreffamuu qabuun alatti barreessuu jechuudha Dabalataan Brown (1993) dogoggora barreessuu akka ibsetti, adeemsa barreessuu keessatti sagalee tokko seera barreeffamaa afaanichaa osoo hineegiin barreessuudha. Dogoggorri akka waliigalaatti xinqooqa waliin walqabsiifamee  yoo hiikamu hir’ina jechaarratti dogoggorri caasaafi haala dubbiirratti kan mullatu kan hammatedha. Kun immoo, saayinsii afaan sanaa waliin walqabatee haala seera afaan sanaan qubeffamuu yoo baate, dogoggorri barreessuu nijiraata.. Kanaan wal-qabatee hubannoon dandeettii barreessuu barattootaa kan xiyyeeffannoon itti kennamee ilaalamudha. Kanarraa kan ka’e, qorataan dandeettiiwwan gurguddoo afaanii keessaa qaaccesa dogoggora dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu irratti kan xiyyeeffatu ta’a.

Hayyoonni afaan garaa garaa dandeettii kana irratti yaada adda addaa kaa'aniiru. Byrne (1988:2) waa'ee barreessuu yoo ibsu:- "The symbol should be arranged in a meaningful way to form words, to form sentences and combination of sentences form paragraph." Kana jechuun mallattooleen walitti qabamanii jecha hiika qabu uumuu yookiin ijaaruu yoo danda'an, barreeffamni tokko barreeffama jedhamuu danda'a.Akkasumas, jechoonnii fi himoonni walitti qindaa'anii yaada ergaa guutuu dabarsu yoo ta'an, keeyyata uumuu akka danda'an hubanna jechuu dha.Yaada keenyaan waa uumnee barreessuuf dandeettii keenya barbaada.Sababni isaas, barreeffamni gaariin barreeffama qabiyyee fi unka gaarii qabu waan ta'eef.Wasaneen (1997:61) yoo ibsu, "Adeemsa afaan barachuu keessatti dandeettiin barreessuu isa bakka guddaa qabudha." jedha. Yaada kana irraa kan nuti hubannu, dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan biroo irra baay'ee barbaachisaa fi murteessaa ta'uu isaati.

Akka MC Whorter (1997:45) ibsetti barattoonni dandeettii barreessuu sadarkaa qubeessuu, keeyyata barreessuu hanga barreeffama olaanaatti geggeessuuf unkaa fi qabiyyee isaa adda baasanii hin beekan taanaan, dogoggora adda addaa uumuu danda'u jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti dandeettiin barreessuu unkaa fi qabiyyee adda baasuu kan gaafatu ta'uu isaafi barattoonni yommuu baratanii fi barreessan xiyyeeffannoo akka godhan gargaara. Hayyun kana akka Kelly (1998:7) akkas jechuun kaa'a. Barreessuun sirriitti yaadamee yaada sammuu keessaa burqu qindeessanii tartiibaan dhiyeessuu dha jechuun ibsa.Kana irrattis barreessuun mallattoolee (qubeelee) uumaman irratti walii galatti fayyadamuudhaan waraqaa fi kanneen biroo irratti qubeessuudhaan mala ergaan ittiin darbudha.

Geetaachoo (2008:7) "Barreessuun yaada mataa ofii keessa jiru qubeetti gargaaramuun ergaa dabarsuu" akka ta'e ibseera. Kana malees, faayidaan barreessuu odeeffannoo dabarsuuf, waan haaraa tokko hubachiisuuf yookaan amansiisuuf kan gargaarudha. Baddiluu (1996:52) "Barreessuun dandeettiiwwan afaanii kanneen biroo guddisuu nidanda'a." jedha. Barattootni shaakala dandeettii barreessuu yommuu taasisan yaada isaanii karaa fooyyessuu danda'aniin caasaa jechootaa fi himootaa filachuun yemmuu itti fayyadaman kan dandeettii dubbachuu isaanii akka gabbifatan godha."Dabalataanis, dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbisuu isaanii cimsa. Gabaabumatti, dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan biroofis kallattiidhaanis ta'e alkallattiin tumsa guddaa kan godhu ta'uu isaa hubanna.

Hayyuun Raimes (1983:103) Dandeettiin barreessuu daree barnootaa keessatti isa cimaa fi dadhabsiisaa dha jetti. Wanti kanarraa hubannu dandeettiin barreessuu barreessuu qofaan kan

baratamuu fi shaakala yeroo dheeraa kan fudhatu ta'uu isaati. Barreessuun itti fufiinsa kan qabu waan ta'eef, irra deddeebi'anii kan barreessan yoo ta'e, shaakalamaa kan deemamu dha. Barsiisaanis dandeettii barreessuu barsiisu sana barattootni hammam hubatan kan jedhu duukaa bu'ee hordofuu qaba. Barnootni bu'a qabeessa ta'ellee hubannoo barattootaa kan cimsaa deemu ta'uu qaba. Yaada kana ilaalchisee, "effective learning in class room depends on the teacher's ability maintaining the interest that students brought to the course in the first place." (Ericteson 1991:26). Kun kan nutti agarsiisu daree barnootaa keessatti ga'umsi barattootaa ilaalamaa kan deemu dandeettii barsiisaa irratti bu'ureeffachuu isaati. Akkasumas, hayyuun kun barreessuun bifa ittiin wal-quunnaman keessaa isa tokko akka ta'e ibseera. Kana keessatti, barreeffamni gaarii haala hiika qabeessaan barreessaa fi qabxiilee barbaachisoo ta'an of keessaa qaba.Fakkeenyaaf: -kan akka filannoo jechootaa, seera afaanichaa eeganii barreessuu, tartiiba yaadaa fi kkf qabxiilee isaan ijoo dha. Karaa biraa hayyuun Kroll (1990:337) jedhamtu barreeffama waa'ee keeyyata barreessuu keessatti yaada kana ni deeggarti. Keeyyanni tokko himoonni isaa seeraan hin qindoofne, wal-qabatiinsaa fi tokkummaa hin qabaanne, keeyyata osoo hin taane, garee himootaa wal hin qabanne jedhama jetti. Kanaafuu, barreeffamni gaariin kanneen qabxiilee armaan olii guuttatudha.Yoo kana of-keessaa dhabe garuu wal-quunnamtiin barbaadamu akka hin qaxxaamurre godha.

Walumaa galatti, qorannoon kun bu'uuraan kan irratti xiyyeeffatu, qaacceessa dogoggora dandeettii keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu barattoota Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa wagga lammaffaa damee barnoota Afaan Oromoo fi Og-barruu bara 2012 baratan irratti xiyyeeffachuun kan qaaceffamee dhiyaatedha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Dandeettii barreessuu barachuu keessatti yeroo shaakala barreessuu shaakalan dogoggoroonni uumamuu danda'u. Dogoggoroota uumaman kanneen adda baasanii qaaccessuun qaama barbaaduuf kallattii ittii agarsiisuu danda'a. Caicedo (2009:.43) akka jedhutti qaaccessi dogoggoraa dandeettii dubbachuu fi barreessuu irratti xiyyeeffata. Wanti barreeffamu ifaa fi sirriitti hinbarreeffamu taanaan wanti barbaadame karaatti kan hafu dha. Barreffamni akkaataa barbaachisummaasaatti barreessuu hafuun ammoo dogoggora barreeffamaa uuma.Barreeffamni yookiin barreeffamni keeyyata tokko akkaataa barbaachisumaasaatti gaariidha jedhamee fudhatamuuf amaloota guuttachuu qabutu jira. Kana ilaalchisee Kathlen (19997:5) yaada isaa akkasitti kaa'a.Jechoonni ergaa barbaadamu dabarsan filatamuu, seerluga sirrii ta'etti

fayyadamuu, walqabatiinsi yaadaa jiraachuu, seeraan qubeeffamuu fi itti fayyadama sirna tuqaalee fa'i.Akka hayyuu kanaatti barreeffamni gaariin tokko yoo xiqqaate amaloota armaan olitti ibsaman of-keesssaa qabaachuu qaba jedha.

Kun haala Kanaan otoo jiruu, qoratichis, mataduree qorannoo kana filatee, qorannoo adeemsisuuf kan isa kakaase barattootni Yuunivarsiitii garaa garaarraa Afaan Oromoo baratanii digirii jalqabaan eebbifamanii hojii barsiisummaaf gara mana barumsaatti yeroo adda addaa ramadamaniifi sadarkaa mana barumsaa koottis, yeroo dhufanii hojii jalqaban barreeffamni Afaan Oromoo isaanii dogoggora (rakkoo) qabaachuu isaa waanan argeefidha. kanarraa ka'uun, barattota yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa damee barnoota Afaan Oromoo fi Og-barruu bara 2012 baratan kun ammoo keeyyata Afaan oromootiin yeroo barreessan sadarkaa maalirra akkasaan jiraan mirkaneeffachuuf jecha qorannoo kana akka gaggessu qoraticha kakaase.

Egaa qoratichis, qorannoo isaa kana galmaan ga'uuf jecha gaaffilee qorannoo armaan gadii deebisuuf yaala.

1. Barattoonni Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa muummee Afaan Oromoo fi Og-barruu yeroo keeyyata barreessan dogoggora barreeffamaa maal maalfaa uumu?
2. Gosoonni dogoggora barreessan irra caalaa uumaman kanneen akkamiiti?
3. Maddi dogoggora barreeffamicha keessatti uumamee maal ta'uu danda'a?
4. Dogoggora barreeffamaa uumame sirreessuuf tooftaaleen barbaachisoo maal ta'uu danda'a?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa: barattonni Yuunivarsiiti Jimmaa digirii jalqabaa wagga lammaffaa muummee Afaan Oromoo fi Og-barruu baratan:

- Yeroo keeyyata Afaan Oromootiin barreessan dogoggora barreeffama isaan uuman xiinxaluun qaaccessuudha.

.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- Barattoonni Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa muummee Afaan Oromoo fi Og-barruu baratan yeroo keeyyata barreessan gosoota dogoggoraa barreeffama isaanii keessatti uuman adda baasuun tarreessuudha.
- Dogoggora irra caalaatti uumaman adda baasuu dha.
- Maddoonni dogoggoroota kanaa ammoo maalfaa akka ta’an barreessuu dha.
- Dogoggoroota uumaman sirreessuuf tooftaalee barbaachisu kaa’uu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorataan kun qorannoo kana adeemsisuu kan barbaadeef, barattootni Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa baratan yeroo keeyyata Afaan Oromootiin barreessan dogoggora barreeffama isaanii keessatti uumamuu fi maddoota dogoggoroota kanaa maal maal akka ta’an adda baasee ibsuuf waan ta’eef, argannoon qorannoo kanaa qaamota armaan gadiitti tarreeffamaniif gargaarsa ni kenna jedhamee amanama.

- Gara fuula duraatti barattoota Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa muummee Afaan Oromoo fi Og-barruu barataniif yeroo keeyyata Afaan Oromootiin barreessan dogoggorri isaan uuman maal maal akka ta’an madda odeeffannoo ta’uu danda’a.
- Akkasumas, maddootni rakkoolee kanaa ammoo maal maalfaa akka ta’an bu’uura odeeffannoo isaaniif ta’uu danda’a.
- Kanaa alattis, barsiisota Afaan Oromoo waa’ee dandeettii keeyyata barreessuu barsiisaniifis akka ragaatti isaan tajaajiluu danda’a.
- Namoonni qorannoo mata duree kana irratti geggeessuu barbaadan qorannoo kana bu’ureeffachuun qorannoo gadi fagoo ta’e hojjachuu (geggeessuu) isaan dandeessisa.
- Qaamolee dhimmichi ilaalu mara bira qorannichi yoo ga’e, rakkoolee mul’atan kanaaf, furmaata ta’uu danda’a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Dogoggorri barreeffamaa barattoota afaan baratan hundumaa biratti kan mul’atudha. Qorannoon kunis dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa barreessuu irratti kan xiyyeeffatu ta’ee Afaan

Oromootiin dogoggorri barreeffamaa yeroodhaa yerootti barattoota gara gadii kaasee hanga sadarkaa olaanaatti (Yuunivarsiitiitti) dogoggorri daran ni mul'ata.

Kana waan ta'eef qorannoon kunis barattoota Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa bara 2012 barachaa turan irratti xiyyeeffachuun kan dhiyaate yoo ta'u, qorattootni fuulduratti qorannoo kana bu'ureeffachuu fedhanis, dhimmi isaa daangaa kanaa ala akka hin adeemne isaan hubachiisa.

## 1.6 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan of keessaa kan qabudha. Boqonnaa tokko keessatti seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa fi hanqinni kan keessatti eeramanidha. Boqonnaa lama keessatti sakatta'a qorannoowwan wal-fakkii, yaad-rimeewwan afaanii, dogoggora barreeffamaa fi qaaccessa dogoggora waliin wal-qabatan kan keessatti ibsamani dha. Boqonnaan sadii malleen qorannichi ittiin adeemsifame yommuu ta'u, kunis saxaxa qorannichaa, irraawwatamaa qorannichaa, iddatteessuu, madda odeeffannoo, mala odeeffannoon ittiin funaaname, mala odeeffannoon ittiin hiikamee fi qaaccessame kan keessatti ibsame dha., Boqonnaan afur keessatti odeeffannoon funaanaman akkaataa beektonni adda addaa yaada boqonnaa lama keessatti kennan gidduu galeeffachuun malleen qorannichi ittiin adeemsifame boqonnaa sadii giddu galeeffachuun, itti dabalees, ka'umsa boqonnaa tokkoo keessatti gaaffilee bu'uuraa qorannichaa nideebisu jedhamanii yaadaman gidduu galeeffachuun odeeffannoon funaanamee kan qaaccessamedha. Boqonnaa shan keessatti immoo boqonnaa afur keessatti odeeffannoo funaanamee qaaccessame giddu galeeffachuun goolaba qorannichaa kan of keessatti qabateefi yaadni furmaataa kan itti kennamedha. Walumaa galatti, yaadoleen boqonnaa boqonnaan jiran yaada wal-deggeraniin qindaa'anii kan dhiyaatani dha.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko jalqabaa kaasee hanga dhumaatti adeemsa mataasaa keessa darbuun firii tokko lafa kaa'a.Adeemsa kana keessatti hanqinoonni garaa garaa mudachuu danda'u. Akka hanqinaatti qorannoo kana keessatti kan mul'atan barattootni odeeffannoon irraa funaaname yeroo keeyyata barreessan qulqulinaan barreessuu dhabuu, keeyyata hanga barbaadame barreessuu hafuu fi kan barreessanis hanga barbaadame kutaa kutaatti qoqqoodamuun adda baasuuf ifa ta'uu hafuun hanqina qorannichaati. Haata'u malee rakkoolee mudatan

dandamachuun odeeffannoo karaalee adda addaa walitti qabaman gidduu galeeffachuun qabxiilee xiyyeeffatamuu qaban adda baasuun qorannichi xumuramuu danda’eera.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA’IINSA BARRUUWWANII

Qorannoon kun dogoggora dandeettii keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu barattoota Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa damee Afaan Oromoo fi Og-barruu waggaa lammaffaa baratan uuman xiinxalee qaaccessuun dhiyeesseera. Dhimmoota mata duree kana waliin wal qabatan kitaabilee adda addaafi toora marsariitiirraa yaadolee hayyoota garaa garaa kan funaanamedha. Kanneenis., maalummaa barreessuu, faayidaa dandeettii barreessuu, amaloota barrreeffama gaarii, barreessuu barsiisuu, gulantaalee barreessuu ittiin barsiisan, rakkoo dogoggora barreeffamaan dhufuu danda’u, maalummaa dogoggoraa, madda dogoggoraa, tooftaalee sirreessa dogoggoraa, maalummaa qaaccessa dogoggoraa, faayidaan qaaccessa dogoggoraa, dayeessa qorannichaafi sakatta’a qorannoo walfakkiiwwanii irratti yaada hayyooleen adda addaa kennan irratti kan xiyyeeffatamedha.

## 2.1 Maalummaa Barreessuu (Yaadrimee Barreessuu)

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokko ta’ee, kan ittiin odeeffannoo dabarsanidha. Maalummaa barreessuu ilaalchisee madden garaa garaa hiika garaa garaa kennuudhaan ibsa laataniiru. Barreessuun karaa dubbisaa waliin wal quunnamuun ergaa barbaachisaa ta’e ittiin dabarsan akka ta’e Troyka (1995:.3) haala armaan gadiitiin ibsiti.

“writing is a way of communicating a message to a reader for a purpose. Each word in this definition carries important meaning. Communicating in writing means sending a message that has a destination.“Akka seeraatti, barreeffama keessatti hima tokkicha addaan baasnee yookiin himoota yaada walitti hin qabne hin barreessinu.Garuu himoota tartiiba eeganii yaada tokko ibsan wal-duraa duubaan akka barbaachisummaa isaaniitti qindeessina.Glencoe (1006, f.937) “Writing process is the series of stages or steps that a writer goes through to develop ideas and to communicate them.” Barreessuu ergaa tokko dabarsuuf hojii barreessuun raawwatamu irratti xiyeeffata.Kana jechuun yaada sammuu keenya keesssa jiru afaanitti (language) jijjiirree mallattoo qubeetti fayyadamnee jechootaan ibsina.Barreeffamni nuti barreessinu gargaarsa keenya malee dubbifamuu danda’uu isaa mirkaneeffachuu qabna.Kana jechuun barreessuun karaa ittiin wal quunnaman ta’uu hubachiisa.

Yaada kanas Langan (2005, f.14) cimsee akkas jechuun ibsa. “Writing is as a way to communicate with others when you write for others, it is crucial to know both your purpose for writing and audience who will be reading your work.” Yaadni kun barreessuun akka daandii

walii galtee namoota biroo wajjiniitti akka ta’ee fi yemmuu namoota biroof barreessitu, kaayyoo barreessituufi dubbistoota barreeffama kee dubbisan beekuun baay’ee barbaachisaa akka ta’e ibsa.

Kana malees, Rabbirraa (2009:16) yoo ibsu “ogummaan barreessuu ogummaa yaadaa fi ergaa sammuu ofii keessa jiru jechootatti jijjiiruun waraqaarra kaa’uu fi dubbisaniis akka nuti hubannetti akka hubatu gochuudha. Kana galmaan ga’uuf jecha barreessichi wanti inni barreessu dandeettiiwwan afaanii kanneen biroorraa adeemsa wal-xaxaa kan of keessaa qaban waan ta’eef, dandeettii al tokkotti horatamu osoo hintaane, shaakalaa fi dhamaatii guddaa kan gaafatudha. Akka hayyuun Kelly (1998:7) yaada isaa kaa’etti barreessuu jechuun deemsa dheeraa yaadaan addunyaa keessatti gocha taasifamudha. Kanas yoo ibsu barreessuun kan eegalu, yaada xixiqqoo waraqaarra yookiin iskiriinii kompiitaraarra kaa’uun akkasumas, yaada ka’umsaa kana immoo karaa ifaa fi salphaa ta’een walitti qindeessuun akka hiika kennu gochuudha. Kana malees,hayyuun kun deemsi kun akka namoota addunyaa kanarra jiran waliin wal quunnamnee odeeffannoo fi muuxannoo wal jijjiirru nigodhudha. Barreeffamni tokko kan dandeettii waa uumuu fi yaaduu keenyaa barbaadudha. Yaada keenya tokko waraqaarra kaa’uu keenya dura, nama barreessinuuf sana sirriitti keessa gallee beekuu qabna. Sababni isaa barreeffamni gaariin barreeffama qabiyyee fi unka gaarii qabu waan ta’eef jedha. Hiika barreessitoonni adda addaa barreessuuf kennan akka walitti qabaatti yoo ilaalle, ogummaan barreessuu mana barumsaa keessatti akka baratamuu fi akka dhaggeeffachuu fi dubbachuu salphaatti hawaasa keessatti kan hin baratamne ta’uu isaa ibsu. Walumaa galattti, barreessuun adeemsa namoota baratanii bakka bu’a waan ta’eef,waan sammuutti yaadan yookiin xiinxalan tokko baasanii waraqaa irratti qalamaan kaa’uun dhimmoota garaa garaaf akka gargaaran ta’uu isaa hubanna. Kana malees, fedhiin dubbistootaa muuxannoo waa uumuuf, yaada haala ifaa fi qabatamaa ta’een waa lafa kaa’uu danda’uun barreeffamicha irratti kan hundaa’u waan ta’eef, barreessaan tokko yeroo waa barreessu sirriitti yaaduu qaba.

## 2.2 Faayidaa Dandeettii Barreessuu Barachuu

Dandeettiin barreessuu gosa dandeettiiwwan gurguddoo afaanii keessaa isa tokkodha. Dandeettiin kunis kan barsiifamuuf faayidaalee adda addaa waan qabuuf. Kana ilaalchisee Byrne (1988:6) faayidaalee isaa keessaa muraasa haala armaan gafiitiin kaa’eera.

- Unka barreessuu adda addaa eegaluu shaakaluun akka fedhii fi tooftaa barnoota adda addaa ittiin argachuuf gargaara.
- Hojii barreeffamaan kaa'ame tokko barattootni adeemsa afaan barachuu irratti ragaa qabatamaa akka qabaatan taasisa.
- Akka afaan tokko gama adda addaatiin barataniif carraa kennaaf. Keessattuu, dandeettiiwwan biroo waliin haala wal qabatuun barsiifama yoo ta'e.
- Barreeffamni daree keessatti akka hojii adda addaa ittiin hojjatamu taasisa. Fakkeenyaaf: - afaaniin yeroo dheeraa dubbachuurra boqonnaa namaaf kenna.
- Barreessuun gosa qormaataa adda addaa kennuuf ni fayyada.

Walumaa galatti, yaadni barreessaa kanaa dandeettiin barreessuu waan dandettii hedduu qabuuf, kana hubannoo keessa galchuun barattootni sadarkaa kamuu irratti dandeettii barreessuu haala xiyyeeffannoo qabuun barsiifamuu akka qaban kan agarsiisudha.

## 2.3 Amaloota Barreeffama Gaarii

Dandeettiiwwan afaanii arfan adda baafamanii hinbarsiifaman yoo ta'ellee, dandeettii barreessuu kan adda taasisan nijiru. Isaanis: hima barreeffama keessatti mul'atan hubannoo fi xiyyeeffannoon haala ifa ta'een akka ergaa dabarsuu danda'anitti qindaa'anii dhiyaachuu qabu. Kana ta'uu kan danda'es, barreessaafi  dubbisaan wal bira waan hin jirreef yoo yaadni barreessaa ifa hintaane, dubbisaan  hubachuu hin danda'u. Akkasumas  Byrne (1988:37) yaaduma kana akka ibsetti, barreessaan sirna tuqaalee, qubguddeessa, jechoota wal ta'iinsaa fi xiyyeeffannoo agarsiisanitti gargaaramuun yaada isaa ifa gochuun barbaachisaa akka ta'e yaada keessee jirti. Yaada oliirraa kan hubatamu, barreessaan tokko barreeffamicha keessatti to'annaa qabiyyee, unka, caasaa himaa, jechoota filachuu, sirna tuqaalee fi qindoomina himaa taasisuun kan barreessu ta'uu isaati. Karaa biraa Nunan  (1991) barreessuun kan ulfaatuu fi namoonni baay'een qulqullina barreeffamaatiif kan dhiphatan waan ta'eef jetti. Richards (1990:2) yoo ibsu, dandeettin barreessuu afaan dhalootaanis ta'e afaan lammaaffaan barachuun hojii cimaa kutaa keessatti barattoota mudatan keessaa isa duraati jechuun dandeettiwwan biroorraa ulfaataa ta'uu isaa ibsa. Amaloota barreeffama gaarii sirriitti hubachuuf, yaada garaa garaa hayyoonni eeran gadiitti kaa'amee jira. Diyaniifi pat (1998) amaloota barreeffama gaarii ilaalchisee yoo ibsan, barruun tokko barreeffama gaarii jedhamuuf amaloota afur qabaachuu qaba. Isaanis: Tokkummaa, Walta'insa, xiyyeeffannoofi Guutummaadha.

**A. Tokkummaa**

Keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu yoo maal ta'eedha? Keeyyanni tokko amala kana qaba kan jedhamu yoo himni ijoo (yaanni hadhuura keeyyatichaa) fi himoonni deeggaroo yaadaan kan wal simatan ta'edha. Kana jechuunis himoonni deeggaroo yaaduma hima ijoo waan adda addaatiin kan ibsanii lafa kaa'an yoo ta'edha.

**B. Walta' umsa**

Keeyyanni tokko walta'umsa qaba kan jedhamu yaadoliin keeyyaticha keessatti argaman wal irratti rarra'uun kan walqabatanii deeman yoo ta'edha. Keeyyanni takko walta'umsa qabaachuun isaa dubbistoota rakko tokkoo malee ergaa darbu sirriitti hubachiisa.Haala kanarraa faallaa ta'een keeyyanni walta'umsa hinqabu taanaan, yaadni isaa waan addaan ciccituuf ergaa isaa hubachuun rakkisaa ta'a.

**C. Xiyyeeffannoo**

Xiyyeeffannoo jechuun keeyyata barreessinu keessatti yaada dubbisaan irratti xiyyeeffachuu qaba jennee yaannu akeekuu ykn addaan baafnee argisiisuu jechuudha.Xiyyffannoo kanas, gara jalqabaa ykn gara dhuma keeyyatichaa irra kaa'uu dandeenya.Bakki kun lamaan kan filatameef, sababa mataa isaanii waan qabaniif. Inni gara jalaqabaa, dubbisaan sammuu haaraan gara dubbisichaa waan dhufuuf, inni gara dhumaa immoo dubbisaan akkuma xumureen yaada keeyyatichaa sammutti waan hambifachuuf itti salphatuuf, karaa lamaan kanaan dubbisaan yaada keeyyata tokkoo ykn waan keeyyatichi irratti xiyyeeffatu salphumaan waan hubachuu danda'uufidha.

**D. Guutummaa**

Keeyyanni tokko kan barreeffamuuf ergaa guutuu ta'e tokko dabarsuuf akka ta'e ifaadha. Kanaafuu, keeyyanni tokko guutummaa qaba kan jennu ergaa dubbisaadhaaf dabarfamuu barbaadame tokko rakkoo (haqina)tokko malee kan dabarsu yoo ta'edha.

## 2.4 Barreessuu Barsiisuu

Barreessuu barsiisuu qaama tokko qofaan kan raawwatamu miti. Kallattiidhaanis alkallattiidhaan akka barattootni dandeettii kana goonfataniif gumaacha gochuu qaban qaamolee garaagaraatu jiru. Isaanis: barsiisota, maatii barattootaa, meeshaa degarsa barnootafi barataa mataasaati.

### 2.4.1Gahee Barsiisaa

Barsiisaan adeemsa barreessuu barsiisuu keessatti shoora guddaa qaba.Barrattootni adeemsa kana keessatti akka milkaa'an gochuuf barsiisaan sadarkaa hunda keessatti hojii hojjetamuu qaban hojjechuu qaba.Sadarkaa barreessuu duraa keessatti barattoonni osoo barreessuu hinjalqabiin hojiiwwan sadarkaa kanatti hojjetaman akka hojjetan kakaasuu qaba.Barsiisaan ofii isaa waa'ee tooftaa barreessuu ilaalchisse hubannoo gahaa qabaachuun barattoota isaa adeemsa barreessuu keessatti bal'inaan hirmaachuu qaba.Misgaanuu (2011:77) barattootnis barreessuu irratti muuxannoo hinqabne mata duree filaachuun akkasumas, kaayyoo murteessuurratti nirakkatu.Yeroo kana barsiisaan mata dureewwan fakkeenya ta'an daree keessatti fiduun barattoota shaakalchiisuu qaba.

### 2.4.2Gahee Baratаa

Adeemsa barreessuu barachuu keessatti barataan gahee hedduu qaba.Barataan barreessuun dura mata duree barreessuuf ofitti amanu filachuu qaba.Kana jechuun mata duree sana ilaalchisee yaada maddisiisuu danda'uu qaba jechuudha. Erga mata duree filatee booda karoorsuudha.kana jechuun qabxiilee mata duree sana ilaallatan walitti sassaabbachuun qaba.Inni biroon barataan wixineessuu keessatti yaada qindaa'e ergaa guutuu akka dabarsuuf of eeggannoon wixineessuudha. Adeemsa wixineessuu keessatti bakka gargaarsa barbaadutti barsiisaa gaafatee barreessuu qaba.Kana malees, gara dhumaatti brataan waan barreesse sirriifi sirrii ta'uu dhiisuu isaa ilaaluun of sirreessuu qaba.

### 2.4.3 Gahee Meeshaalee Deeggarsaa

Barreessuu barreessuu keessatti gahee meeshaa deeggarsa barnootaa barattootni dubbisuun odeeffannoo waa'ee waan barreessuu barbaadan irraa argachuuf gargaara.Akkasumas, meeshaaleen deeggarsa barnootaa afaan Oromoo barsiisuuf muuxannoofi barumsa walquunnamsiisuuf keessumattuu barattoonni qalbiidhaan akkasumas kaka'umsa gaariin barnoota akka baratan gochuuf gahee guddaa kan qabudha. Kanaafuu jiraachuun meeshaaleen deeggarsa barnootaa kaayyoo adeemsa baruufi barsiisuu caalmaatti biraan gahuuf murteessaa ta'uusaati. Kana malees, meeshaan deeggarsa barnootaa barnoota barataan jechaan baratu yookiin waan dhaga'an tokko qabatamaadhaan ijaan arganii akka hordofan gargaara.

## 2.5 Tooftaalee Dandeettii Barreessuu Shaakalsiisuu Gargaaran

Akka beektonni garaa garaa ibsanitti malleen dandeettii barreessuuf nugargaaran bakka sadii kaa'anii ilaaluun nidanda'ama.

### 2.5.1 To'annooo ykn Daangeffamaan Barreessuu

To'annoon barreessuun kun kan xiyyeeffatu baay'inaan to'annoo barsiisaan kan gaggeeffamuudha. Barsiisaan waan to'atuuf barattoonni dogoggora irraa bilisa ta'uu nidanda'u. Shaakalli to'annoon barreeffamuun gaggeeffamu bifa haaraadhaan hojjachuudha.Sababii kanaaf barattoonni garri caaalaan carraa dogoggara itti hojjatan hinargatanu.Barattoonni shaakala barreessuu akka shaakalan yoo barbaanne mala to'annoo kanatti fayyadamuudhaan ajaja ifata'e kennuun gargaaruun barbaachisaadha.Waa'ee kanaa ilaalchisee Raimes (1983:95) akkana jedha.Barreeffama barattoonni kee barreessan hundi gosa haala to'annaan barreessan yoo ta'e,qabiyyeefi unka irrattti gargaarsi godhamuufii qaba. Akka yaada kanaatti to'annoon barreessuun kan xiyyeeffatu amala murtaa'aa afaanii irratti ta'uusaati. Kana jechuun barattoonni akka seerluga fi jechoota filatamootti haala qabatamaa fi mijaawaa ta'een fayyadamaniifi jajjabeessuudha.Kanamales, jechoota ykn gaaleewwan akkasumas himoota muraasa haala sirrii ta'een barattoota qajeelchuufi sirreessuun akka danda'amu sadarkaa itti hojjatamu ta'uusaa ni hubachiisa.

## 2.5.2 Hoggansa Ykn Qajeelfamaan Barreessuu

Inni kun hanga carraa kan kennuudha. Kunis barsiisaan kan qajeelfamuudha. Hoggansaan barreessuun mala to'annoon barreessuuu irratti nimullata. Barattootaaf fakkeenyi kennamee akka barreessan kan taaasifamuudha. Malli hoggansaan barreessuu akka to'annoon barreessuu dogoggora irraa walaba miti. Yaada kanarraa kan hubatamu barattoonni waan ajajaman barreessuu yemmuu shaakalan dogoggora irraaa bilisa waan hin taaneef barsiisaan duukaa bu'ee gargaarsa gochuu akka qabudha. Haala kanaan barsiisaan gargaaraa yeroo deemu rakkooleen dandeettii barattootaa xiqqaataa kan deemu ta'uu isaati.

## 2.5.3 Walabaan Barreessuu

Gosti shaakallii dandeettii barreessuu kun barattoonni guutummaa guutuutti bilisa ta'anii akka barreessan kan gargaaruudha. Akka Hedge (1983:11) ibsetti dandeettiin barreessuu kun kan argamu erga barattoonni cimsanii shaakalanii boodadha. Kana jechuun barattoonni dandeettii walabaan barreessuu horachuuf shaakala walirraa hincinne akka qaban hubanna.Barattoonni barsiisota isaanii gaafachuufi kitaabota waa'ee barreessuu irratti barreeffaman dubbisuun muuxannoo gabbifachuu akka qaban hawwiin qo'atu jetti.Barreeffama gaarii barattoonni barreessuu akka danda'aniif dandeettiifi muuxannoo isaan qaban duraan dursanii beekuun barbaachisaadha.

Hayyuun Raimes (1983:103) akkas jedha.Barattoonni hojii barreessuu osoo hin jalqabin yaada sammuu isaanii keessa jiru cimsachuuf gareen mari'achuu qabu.Dabalataan yemmuu ibsu, barreeffamni gareen shaakalamu fakkeenya hojii barreeffama sirriiti.Sababiinsaa barattoonni garee xixiqqaa uumuun waliin hojjatu.Akkasumas dareen sirriidhumatti bakka barreessuu itti baratan fakkaataa dhufa. Jecha hayyuu kanarraa kan hubatamu gareedhaan shaakallii barreessuu kallattii adda adddaatiin yaadni burquu kan danda'u ta'uusaati. Dhuunfaan yoo shaakalame immoo yaanni xiqqoo qofatu argama. Sadarkaa shaakala kamuurratti bu'aaan gareen waliin mari'achuu irraa argamu adeemsa barreessuutiif kan fayyadu ta'uusaati.

Barreessuun garee akka barattoonni duubatti hafaniifi cimoon muuxannoo walirraa fudhatanu taasisa.Walumaagalatti haalli walabaan barreessuuu gaarii ta'uusaati.Waan kana goonfachuuf shaakalli walitti fufiinsaa garee keessatti bu'aa qabeessa akka ta'e agarsiisa.Kanaafuu barattoonni nuffii tokko malee shaakaaluu akka qabanudha.

## 2.6 Gulantaalee Barreessuu Ittiin Barsiifaman

Barreeffama ga'umsa qabuufi sirrii ta'e si'a tokkotti barreessuun akka hindanda'amne hayyoonni hedduun niibsu. Kana jechuun barreeffama ga'umsa qabu tokko uumuuf adeemsa garaa garaa qabaachuu isaati.Kanaaf barsiisonni afaanii mana barumsaattis ta'e, yeroo biroo barattootni dandeettii barreesssuu akka goonfataniif jecha shaakala yeroodhaa yerootti akka adeemsisan deeggarsa gochuufiin barbaachisaadha.Misgaanuu (2011:79) yoo ibsu "Dandeettii bareessuu barattootaa guddisuuf dalagaaleen adda addaa sadarkaalee garaa garaatti gargaaramuun barattoota shaakalchiisuun barbaachisaadha."Kana jechuun kutaa tokko qofa keessatti osoo hintaane, walitti fufinsaan kutaa hundumaa keessatti dandeettii barattootaa foyyessuuf shaakala adda addaa akka isan taasisan gochuun barbaachisaadha.

### A. Barreessuun Dura (Pre Writing)

Inni kun adeemsa dandeetti barreessuu keessa isaa duraa ta'ee yeroo karoorsuuti. Kana jechuun hojii barreessuu osoo hineegatiin dura wantoota rawwatamuu qaban jechuudha.Isaan keessaa mata duree filachuufi waa'ee mata duree kana odeeffannoo walitti qabachuudha. Sadarkaa kana keessatti yaada barreeffamu kan madduu qabuudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Donougnfi shaw (1993:187) yemmuu ibsan namni adeemsa barreessuu isa jalqabaa keessatti yaada isaa barreessuu yaala. Itti aansee duraa duba isaa eeguun kan sirrii ta'e fudhachuun isaa kan sirrii hintaane haqu jechuudha. Hojii barreessuu yemmuu ademsifnu wanta tokko irratti yaada walduraa dubaan kaa'uun kan danda'amu odeeffannoo funaanuu, marii gaggeessuufi yaada waliif hiruun hojii kana milkkeessuun nidana'ama. Haaluma kanaan mata duree keenya sana irratti hunda'uun yaada tokkummaa walta'insa duraa duuba sirrii ta'e barreessuu kan danda'amu yaanni mata duree keenya ilaalchisee kan maddu sadarkaa kana keessattidha. Waa'ee mata duree barreessinu sanaa kan waa'ee isaa ilaalchisee barreeffamoota garaa garaa dubbisuufi sirrummaafi dogoggora isaa ittiin adda baasu qabnus sadarkaa kana keessattidha.

### B. Yeroo Barreessuu (While Writing)

Adeemsa (gulantaa) kana keessatti barattoonni adeemsa barreessuu duraa keessatti waan sammuu isaaniitiin yaada gabbifatan ofitti amanuudhaan walduraa dubaan barreeffaman agaarsiisan as keessatti.Bittingerfi warreen biroo (1993) akka ibsanitti, sadarkaa yeroo barreessuu bakka itti barattoonni waan hubatan tokko haala gaarii ta'een barreessuuf itti yaadanidha.Kana jechuun wantoota sadarkaa barreessuu duraa keessatti karoorsaniifi qindeessan

hundumaa waraqaa irra ka’aniidha. Akka hayyuun cooley (1992) ibsetti, sadarkaa kanatti barattootni yaada sammuu isaanii keessa jiru waraqaa irra kaa’uu malee dogoggoroota qubeessuu, sirna tuqalee, qubguddeessa,jechoota filachuufi seerluga sirreessuuf baayyee dhiphachuu hinqaban. Walumaa galatti, gulantaa yeroo barreessuu kana keessatti barattootni yaada tartiibaan kaa’aan walitti fiduun gara himaatti ol guddisuudhaan akkasumas,hima gara keeyyataatti,keeyyata immoo gara barreeffama guutuutti yookiin dubbisa tokkootti ol guddisanii barreeffamaan kaa’u. Adeemsa yeroo barreessuu kana keessatti barattootni waan duraan dagatanillee itti dabaaludhaan barreessuu nidanda’u.Kana malees, waanta keessaa haafuu qaba jedhan immoo habisanii barreessuu nidanda’u.

**C. Barreessuun Boodaa(post writing)**

Adeemsa barreessuu boodaa yookiin gulantaa boodaa kana keessatti barattootni yaada adeemsa barreessuu duraafi yeroo barreessuu keessa deebi’aanii ilaaluudhaan hojii fooyya’aa itti dalaganiidha.Adeemsa kana keessatti barattoonni jechoota hinbarbaachisnee haquu,himoota dogoggora qaban jijjiiruufi waan sirrachuu qaban sirreessuu nidanda’u. Kan kana raawwatan waan dabarsuu barbaadan sana ta’uufi ta’uu dhiisuu isaa hanga mirkaneeffatanittidha.Kana malees, walduraa duuba sirrii ta’een irra deebi’anii kaa’uu nidanda’u.Adeemsa barreessuu boodaa kana keessatti barattootni gaaffiwwan gaditti dhiyaatan yoo of gaafatan caalmaatti milkaa’uu. Isaanis: jechoonni ani  fayyadame ergaa sirrii dabarsu moo jijjiiruun qaba,hima jijjiiruun yookiin fooyyessuun dura maalan jijjiira, maalittan jijjiira jechuuni.Yaada koo sirriitti ibsuuf himoonniifi keeyyatni jiran walitti dhufeenya qabuufi dubbisaan koo yaada koo sirriitti nihubataa? Gaaffilee olii hundi deebii kan argatan taanaan barreeffamni sun barreeffama gaariifi milkaa’aa ta’uu danda’a.

## 2.7 Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii

Qorannoon qorannoo kanaan walfakkaatu kanaan dura hojjetame keessaa inni tokko bara 2010 Gammachuu Amanuutiin kan hojjetame yoo ta’u mata dureen qorannichaas “Qaaccessa wantoota ogummaa barreessuu barattootaa mana barumsa Biiftuu Aayiraa kutaa 10ffaa irratti dhiibbaa geessisan kan jedhu yemmuu ta’u, kaayyoon qorannoo Gammachuu rakkoowwan bu’uuraa keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu irratti barattoota mudatan adda baasuudha.Kaayyoon qorannoo kanaa ammoo barattootni  yuunvarsiitii Jimmaa digrii jalqabaa waggaa lammaffaa yeroo keeyyata barreessan wantoota rakkoo itti ta’aniifi maddoonni

rakkoolee kanaa maal maal akka ta’an beekuudha. Qorannoowwan lamaan kana kan adda taasisuu lamaan isaaniyyuu iddoowwan adda addaafi kutaa (sadarkaa) adda addaa irratti hojjetamuu isaati.
Qorannoon walfakkii inni lammaffaan Abdulsalaam Abbaa oliitiin kan gaggeeffamedha. Mataa dureen qorannoo kanaa “Dandeetti barruu gutuu barreessuu barattotaa muummee Afaan oromoofi hogbarruu halaa yuunivarsiitii Wallaggaa keessa”kan jedhu yoo ta’u, barattoota muummee Afaan oromoo waggaa tokkoffaa irraatti gaggeffame.Kayyoon qoraannoo kanaa rakkoowwan bu’uuraa barruu guutuu Afaan oromootiin barreessuurraatti barattoota yuunvarsiitii Wallaggaa waggaa tokkoffa mudatan adda baasuudha. Kayyoon qorannoo kanaa ammoo barattoota yuunvarsiitii Jimmaa digrii jalqabaa waggaa lammaffa yeroo keeyyata barreessan wantoota rakkoo itti ta’aniifi maddoonni rakkoolee kanaa maal maal akka ta’an beekuudha.Qorannoo kana lameen kan addaa taasisuu bakka adda addaafi sadarkaa adda addaa irratti hojjetamuu isaati.

Qorannoo walfakkii inni sadaffaan bara 2008/2016 Siisaay Siyyumiin kan ademsifamedha. Mata dureen qorannoo kanaas xiinxala wantoota dandeettii barreessuu barattootaa Afaan oromoon kutaa 11^ffaa keessatti sababa ta’an yommuu ta’u, kaayyoon isaas xiinxala wantoota dandeetti barreessuu barattoota Afaan oromoo kutaa 11^ffaa keessatti dhiibbaa fidan addaan baasuun qaaccessuudha. Qorannoon kun garuu sababoota dandeettii barreessuu irraatti dhiibbaa fidan qofa osoo hintaane madda sababoota kanaa addaa baasuun qaacceessuudha. Qorannoowwan lameen kana kan adda isaan godhu haala kutaa garaagaraafi bakkaa garaagaraatti adeemsifamuu isaati.

## 2.8 Rakkoolee Dogongora Barreeffamaan Dhufuu Danda’an

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokko ta’ee, kan ittiin odeeffannoo dabarsanidha. Yeroo barreeffamni barreeffamu dogongoruun odeeffannoon qaama barbaachisuuf akka sirriitti hin qaqqabne taasisa.Kanaafuu dogongora barreeffamaa qaaccessuun odeeffannoo sirriin qaama odeeffannoo fudhachuu barbaadeef akka qaqqabu taasisa.Maalummaa barreessuu ilaalchisee maddeen garaagaraa hiika adda addaa kennuudhaan ibsa laatu.

Troyka (1995, f.3) barreessuun karaa dubbisaa waliin walqunnamuun ergaa barbaachisaa ta’e ittiin dabarfamu akka ta’e haala armaan gadiin ibsiti. “Writing is a way of communicating a message to a reader for a purpose. Each word in this definition carries important meaning.

Communicating in writing means sending a message that has a destination.”Akka seeraatti, barreeffama keessatti hima tokkicha addaan baasnee yookiin himoota yaada walitti hidhata hin qabne hin barreessinu.Garuu himoota tartiiba eeganii yaada tokko ibsan wal-duraa duubaan akka barbaachisummaa isaaniitti qindeessina. Glencoe (1996, f.937) “Writing process is the series of stages or steps that a writer goes through to develop ideas and to communicate them.”

Barreessuun ergaa tokko dabarsuuf hojii barreessuun raawwatamu irratti xiyyeeffata.Kana jechuun yaada sammuu keenya keessa jiru afaaniin (language) jijjiirree mallattoo qubeetti fayyadamnee jechootaan ibsina.Barreeffamni nuti barreessinu gargaarsa keenya malee dubbifamuu danda’uu isaa mirkaneeffachuu qabna.Kana jechuun barreessuun karaa ittiin walquunnaman ta’uu hubachiisa.

Yaada kanas Langan (2005, f.14) cimsee akkas jedhee ibse,” Writing is as a way to communicate with others. When you write for others it is crucial to know both your purpose for writing and audience who will be reading your work.” Yaadni kun barreessuun akka daandii waliigaltee namoota biroo wajjiniitti akka ta’ee fi yemmuu namoota biroof barreessitu, kaayyoo barreessituu fi dubbistoota barreeffama kee dubbisan beekuun baay’ee barbaachisaa akka ta’e eera.

Egaa barreessuun haala armaan oliitti eerameen daandii namoota biroo waliin walquunnamuu kan irraa hubatamu yegguu ta’u, yeroo barreeffamu dogoggora uumamuun waliigalteen namoota biroo waliin akka gufachuu danda’u hubachuun nama hin rakkisu. Kanaafuu, qaaccessa dogoggora barreeffamaa taasisuun daandii wal-quunnamtii namoota biroo waliin taasifamuuf haala mijeessuudha.

## 2.9 Maalummaa Dogoggoraa

Adeemsa afaan baratamu keessatti dogoggorri uumamuu danda’a.Dogoggorri afaan barachuu keessatti uumamu haala itti fayyadama unkaa, jechaa, seerluga, haala galumsaa fi kkf ta’uu danda’u.Kun ammoo walquunnamtiin sirrii ta’e akka hin uumamne taasisa.Maalummaa dogoggoraa haala armaan gadiin hubachuu dandeenya.“One kind error would be a piece of language which a student cannot correct, even if the error is pointed out him, although we think most of the class should be familiar with a language item in its correct form. Some errors are often described as mistakes. This kind of refers to a piece of language that can be corrected by the learner if his/her attention is drawn to it. In some cases, these errors are just slipping of the

pen or slips the tongue. Other errors occur when the student is focusing on meaning and is struggling to express what he wants to say even though he hasn't learned the necessary language with the teacher yet. Here the teacher should be more concerned with encouraging the students attempt to communicate meaning then with the student's accuracy.Atkins, Hailom and Nuru (1996, f.138) Walitti fufinsaan barattootni wanta sirrii hin taane yeroo dalagan akka ta'e Norrish (1987, f.7) ibsajedha.

Walumaa galatti, dogoggorri barattootni afaan yeroo baratan itti fufinsaan wanta sirrii fi ifa hin taane kan dalagan, akkasumas dhiibbaa sababoota adda addaa irraan kan ka'e haala seerlugaa, duraa duuba jechoota fi k.k.f haala ittiin qindeeffatanii itti fayyadaman barattoota gidduutti qaawwaa mul'atudha.

## 2.10 Maddoota Dogoggoraa

Adeemsa afaan baruus ta'ee barachuu keessatti dogoggorri wantoota garaagaraa irraa madduu danda'a. Maddi dogoggoraa kunis afaan baruus ta'ee barachuu irratti dhiibbaa guddaa akka qabu kan beekamedha.Brown (2007, 263-264) akka ibsetti, adeemsa afaan baruus ta'e barachuu keessatti dogoggorri uumamuun dhimma uumamaan jiruu fi kan dhabamuu hindandeenyedha. Dogoggorri adeemsa afaan barachuu keessatti uumamus sababoota adda addaarraa maddu ni qaba. Maddoonni dogoggoraas dimshaashessuu, salphisanii ilaaluu, dhiyeessaa fi meeshaa barnootaa dogoggoraa fi yaaluu dhiisuu ta'uu akka danda'u ibsa.

Dimshaashessuun madda dogoggoraa keessa tokko ta'uu akka danda'u ibsa.Kunis barattootni unka xinqooqaa yookaan seerlugaa tokko akka bakka hundatti hojjetuutti dimshaashessanii fudhachuun adeemsa afaan barachuu keessatti dogoggora uumuu danda'u.Kan biraammoo salphisanii ilaaluudha.Adeemsa afaan barachuu keessatti barattoonni seeraa fi caasaa afaanii maquu hinqabne maal nadhibeedhaan salphisanii ilaaluun dogoggora uumuu danda'u jedha. Madda dogoggoraa keessaa dhiyeessaa fi meeshaa barnootaa dogoggora akka ta'es ibseera.Mala afaan barsiisuu keessatti akkaataan barsiisaan barnooticha kutaaf dhiyeessuufi meeshaaleen barnoota kanneen akka kitaaba barnootaa dogoggora yoo qabaatan, barattoonni kanumarraa ka'uudhaan adeemsa afaan barachuu keessatti dogoggoruu danda'u. Gama biraatiin wallaalummaarraan kan ka'e madda dogoggoraa ta'uu akka danda'us ibseera. Unki xinqooqaa fi seerlugni tokko tokko kanneen walxaxoo ta'aniifi akka salphaatti hinbaramne jiraachuu danda'u.

Barattoonni adeemsa afaan barachuu keessatti warreen ta'an sirreeffachuuf yaaluu dhiisuun dogoggora uumuu danda'u jedha.

Atkins, Hailom and Nuru (1996, ff. 138-139) akka jedhanitti immoo, dogoggorri sababoota adda addaarraan kan ka'e uumamuu danda'a. Sababoota gurguddoo dogoggorri itti uumaman keessaa:

1. Barattootni seera beekan akka seera waliigalaatti ilaaluu.
2. Barattootni beekumsa muraasa qabaniin waliigalteef yeroo gargaaraman dogoggoran uumamuuf dhimma dhabuu.
3. Dogoggorri kan uumamu yeroo barattootni dadhaban, ariifatan yookaan xiyyeeffannoo wanta itti hinlaanneef.

Carson (2001, ff. 191-200) akka jedhetti dogoggorri sababoota adda addaan mul'achuu akka danda'u waraabbii kanarraa hubachuun ni danda'ama "First of all, learners may translate from L1, or they may try out what they assume is a legitimate structure of the target language. Secondly, they also tend to over-generalise he rules for stylistie features when acquiring new discourse structures. In addition, learners are often unsure of what they want to express, which would cause them to make mistakes in any language."

Addunyaa (2010, ff. 30-32) akka ibsetti, "maddi dogoggora barattootni qubeessuurratti uuman kan biroon, beekumsa caasaa afaanichaa malee, itti fayyadama dham-jechootaa, filannoo fi duraa duuba jechootaa eeganii barreessuu dhabuudha.Haalli kun immoo himoota ijaaraman keessatti duraa duubummaa, irraa jalummaa walta'iinsa matimaa fi gochimaa, akkasumas dhaamsa darbu sana gaaga'a."

## 2.11 Tooftaalee Sirreessa Dogoggoraa

Brown (2007, ff. 277-278) dogoggora barattoonni adeemsa afaan barachuu keessatti uuman barsiisonni sirreessuuf tooftaaleen gargaaran akka jiran ibsa.Tooftaaleen kunneenis: fooyyessuun irra deebi'uu, irra deebiif affeeruu, jecha birootiin fakkeenya kennuu, barattoota daree gaafachuu, ifatti yookaan kallattiin sirreessuufi sirreessuun irra deebi'uu ta'uu danda'a.

- Fooyyessuun irra deebi'uu, adeemsa afaan barachuu keessatti dogoggora barataan uume, barsiisaan karaa alkallattii ta'een fooyyessee irra deebi'uun barataan gara yaada sirriitti akka dhufu taasisuudha.

- Irra deebiif affeeruu, adeemsa afaan dubbii barachuu keessatti dogoggora barataan dubbate barsiisaan akka nama hin dhaga’innitti irra deebisee barataan akka dubbatu affeeruudhaan barataan akkaataa dubbiisaa akka sirreeffatu taasisa.
- Jecha birootiin fakkeenya kennuu, dogoggora barataan adeemsa afaan barachuu keessatti uumeef, barsiisaan waa’ee deebii sirrii alkallattiidhaan jechoota birootti gargaaramuun fakkeenya kenna. Barataanis fakkeenya argate hordofuun ofiin sirreeffata.
- Barattoota daree gaaffachuunis tooftaa sirreessa dogoggoraa keessaa tokko akka ta’e ibsa. Dogoggora barataan adeemsa afaan barachuu keessatti mullise akka sirreessaniif barsiisaan barattoota daree keessaa yemmoo affeerudha. Barataan dogoggora mul’ises yaada barattoota daree keessaa dhiyaaterratti hundaa’uun sirreeffata.
- Ifatti yookaan kallattiin sirreessuu, tooftaan kun kallattiidhaan dogoggora barataa sirreessuudha. Barsiisaan dogoggora barataan adeemsa afaan barachuu keessatti uume ifatti dhorkuun kallattidhaan ibsa sirreeffamaa itti kenna.
- Sirreessuun irra deebi’uu. Dogoggora barataan dubbate yookaan barreesse barsiisaan sirreessee irra deebi’uun tooftaa hojiirra oolu akka ta’e ibsa.

## 2.12 Faayidaa Qaaccessa Dogoggoraa

Afaan barachuu keessatti qaaccessi dogoggoraa faayidaa guddaa qaba.Kunis barattoonni afaan baratan yeroo dogoggora uuman haala kamiin barattoonni rakkoo uuman maqsuu akka danda’an yaada kennuufi madaaluu dha. Adeemsa afaan barachuu keessatti rakkoo uumame yookiin dogoggora uuamame qaaccessuun barattoonni wanta sirrii ta’e akka hubatan taasisuun bu’aa qaaccessa dogoggoraa akka ta’e hayyoonni ni eeru. Ellis (1997, f.15) akka jedhetti, barattoonni wanta sirrii ta’e irratti xiyyeeffachuurra xiyyeeffannoo isaanii dogoggora isaaniirratti xiyyeeffachuun waan itti salphatu itti fakkaata. Haata’umalee, dogoggora isaaniirratti xiyyeeffachuun wantoota barbaachisoo armaan gadiitiif bu’aadha. Wantoonni barbaachisoon kunneenis:

1. Barattoonni maalif dogoggoru?  Gaaffii jedhu waan kaasuuf.
2. Dogoggora barattoonni uuman maalfaa akka ta’an barsiisonni akka beekan gochuuf.
3. Barattootni ofii isaanii yeroo of sirreessuuf yaalan dogoggora jarri uuman maal akka ta’e akka beekan taasisuuf.

Corder (1974, f.125) akka jedhetti guddina xinqooqa barattootaa fi adeemsa barachuu kan nuuf ibsudha. Dabalataanis rakkoo furuu shaakalchiisuu kan bocuu fi rakkooo hin dhabamne irratti

xiyyeeffata. Kunis barattoota dogoggora uuman sanaaf bu’aa kan qabu (galtee) dha. Barsiisaan unka xiinqooqaa dhiyeessuyyuu galtee sirreeffamaa ta’uu hin danda’u.Garuu salphaadhumatti wanta barachuuf barbaachisu akka ta’e ibsa.Kanaafuu qaaccessi dogoggoraa odeeffannoo barbaachisaa ta’e waa’ee guddina afaaniitiif yookaan sirna afaan barachuu barattootaaf ga’ee qaba jedha. Nation fi Newton (2001,ff.140-141) akka jedhanitti immoo, sirreeffamni dogoggoraa raawwachuunsaa kan hubatamu yoo hubannaan muraasni waa’ee dogoggora Sanaa argamedha. Kunis, qaaccessa dogoggoraa adeemsa wantoota dogoggora uuman hubachuuf.Qaaccessi dogoggoraa barsiisaadhaaf silabasii uumuu fi kanneen kitaaba barreessaniif qofa bu’aa qaba osooo hin taane, warreen qorannoo geggeessaniif barattootaaf barbaachisaa dha. Kunis qorattootaaf kan fayyaduu fi kan afaan lammaffaa barachuudhaaf akaakuuwwan dogoggoraa barattoonni uumaniif maaliif akka uuman agarsiisuu dha. Barattootni dogoggora yemmuu uuman adeemsi filatamaafi  gahaa ta’e isatti yookaan isheetti unka sirrii ta’e ibsuuf osoo hintaane, bifa salphaa ta’een kennuuf akka hintaane adeemsa keessa akka ofii isaaniitiin bira gahan (mala dhahan) gochuudha.

Corder (1974, f.125) akka jedhetti barattoonni unka xinqooqaa sirrii akka baratan taasisuudha. Qaaccessi dogoggoraa amallisaa dogoggora beekuuf qofa osoo hin taane qaaccessa dogoggoraa sanarraa wanta baratamee fi dogoggora sana hojiitti hiikuun afaan sana guddisuuf ga’ee guddaa qaba. Qaaccessi dogoggoraa dandeettii barressuu ilaalchisee faayidaa inni qabu Krolli fi Sehafer’s (1978) fi Kwok (1998) akka jedhanitti, dogoggora uumame adda baasee agarsiisuun dandeettii barreessuu fooyyessuun akka danda’amu hubachiisa. Walumaa galatti qaaccessi dogoggoraa kan fayyadu sirreeffama xinqooqaa yeroo tokko tokko uumamu walii galtee kan danqu, afaan lammaffaaf haala mijeessuu fi shaakala barsiisaaf ga’ee olaanaa akka qabuu fi barattoota adda baasuun ibsuuf fayyada jedhu. Faayidaa qaaccessa dogoggoraa Corder (1974, ff.122-154) akkas jedhee ibsa, “EA has two objectives: one theoretical and another applied. The theoretical objective serves to elucidate what and how a learner learns when he studies a second language to learn more efficiently by expoitong our knowledge of his dialect for pedagogical purposes.” Jedha.Corder (1977.F125) qaaccessi dogoggoraa ademsa afaan lammaffaa barachuu, guddina xiinqooqaa fi afaan lammaffaa barachuuf agarsiisuu akka ta’e ibsa.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala dogoggora keeyyata barreessuu barattoota yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatudha. saxaxa ilaalchisee Addunyaan (2011: 63) hayyoota Cohen, Manion and Morrison (2oo:73) wabeefachuun yoo ibsu, “Research design is governed by the nation fitness or porpose. The purpose of research determine the methodlogy and design of research.” Jechuun ibsa. Yaada kanarraa kan hubatamu, saxaxni qorannoo tokkoo kaayyoowwaan qorannichaatiin murtaa’a. Kana jechuun saxaxni sun kaayyoowwan qorannichaa bu’ureeffata jechuudha.

## 3.2 Irraawwatamaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffame barattoota Yuunivarsiitii Jimmaa Damee Afaan Oromoo fi Og-barruu digirii jalqabaa waggaa lammaffaa bara 2012 barachaa turan barattoota Dhiira 21 fi barattoota Shamarranii 31 akka walii galaatti, barattoota 52 irrattidha.

## 3.3 Madda Odeeffannoo

Qorannoo kana keessatti qoratichi madda odeeffannoo karaalee lamaan (2) fayyadama. Isaanis; barsiisotaafi barattoota Yuunivarsiitii Jimmaa Damee Afaan Oromoo fi Ogbarruu digrii jalqabaa waggaa lammaffaa baratan yemmuu ta’an, barattootni kunis:- qormaata dhuunfaa sadarkaa isaa eeggate isaaniif dhiyaatu irratti hundaa’anii ogummaa dandeetii keeyyata barreessuu qaban kan ittiin sakatta’amanidha. Kana malees, barsiisota Afaan Oromoo(2) daree sana seenanii barsiisaniifi kallattiin mata duree qorannichaan walitti dhufeenya qaban yemmuu ta’an, barsiisonni kunis, af-gaaffii cufaafi banaa isaaniif dhiyaaterratti hundaa’anii ogummaa dandeettii keeyyata Afaan Oromootiin barattootni isaanii qaban kan ittiin deebii laatanidha.

## 3.4 Iddatteessuu fi Mala Iddatteessuu

Iddatteessuu jechuun qaamolee qorannoon sun irratti geggeeffamu (raawwatamu) keessaa namoota ragaalee kennuu danda’an yookiin ragaaleen irraa argamu jechuudha. Malli iddatteessuun immoo tooftaa iddattootni kun ittiin filataman ta’a. Kunis: mala iddattoo jamaa jiran hunda (hamma arge) fudhachuun (available sampling) odeeffannoo walitti qabachuunidha. Kana jechuun barattoota hunda jiran keessaa filannoon osoo hin barbaachisin osoo itti hin dabaliin kanneen jiran hunda fudhachuun yoo ta’u, qoratichis, barattoota Yuunivarsiitii Jimmaa damee Afaan Oromoo fi Og-barruu digirii jalqabaa waggaa lammaffaa barachaa turan akka

walii galaatti, barattoota jiran keessaa Dhiira 21 Shamarran 31 fayyadamuudhaan adeemsa qorannoo isaa kan gaggeessedha. Gama biraatiin qorannoo kana keessatti akka madda ragaatti kan fudhataman barsiisota Afaan Oromoo lama yommuu ta'an, tooftaan barsiisonni kun itti fudhatamanis (filatamanis), miti carraa dha. Yaada kana Siisaay Berg (2001) wabeeffachuun yoo ibsitu, iddatteessuun kun qorataan tokko beekumsa dhimma qorannoo adeemsifamu sanarratti qaburraa kan ka'e, namoota odeeffannoo irraa argachuu danda'u kallattii mata duree qorannootiin walitti dhufeenya gahaa qaban murteessaa dha. Kanaaf, qoratichis barsiisota Afaan Oromoo Yuunivarsiitii Jimmaa barsiisan dhiira lama (2) fudhateera.

## 3.5 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Qorannoo kana gaggeessuuf malli odeeffannoon ittiin funaaname akka armaan gadiiti.

### 3.5.1 Qormaata (Madaallii Dhuunfaa)

Rakkoolee dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa xiinxaalee adda baasuuf,qoratichi meeshaaleen raga ittiin funaanaman keessaa qormaatattii fayyadamuudha. Yaada kana ilaalchisee,Dastaan (2013:121),"Qormaatni haala walfakaatuun qophaa'ee dandaattii barattootaa ilaalchisee odeeffannoo funaannachuu yoo barbaanne kan ittiin fayyadamnudha."Yaada kanarraa kan hubatamu qormaata jechuun gaaffilee murtaa'an iddatootaaf qopheessuun firii isaan fidan irratti hundoofnee ga'umsa isaanii ilaaluun sadarkaa maalirraa akka jiraan madaaluun odeeffannoo barbaachisu sassaabuun nidanda'ama.Kanaaf,qoratichi dandeettii keeyyata barreessuu barattoota Yuunivarsiitii Jimmaa digrii jalqabaa damee Afaan Oromoofi Ogbarruu xiinxalee madaaluuf,rakkoo isaan qaban adda baasuuf hima ijoo keeyyataa shan qopheessuun keessaa tokko filachuun akka isaan keeyyata barreessan affeeruun yoo ta'u, sababiin qorataan kun keeyyata barreessisuu filateef: qubeessuu, itti fayyadama sirni tuqalee, qubguddeessi, caaslugni, tartiiba yaadaa, filannoon jechootaafi kkf.seeraan kan ilaalaman ta'u.

### 3.5.2 Af-gaaffii Barsiisotaa

Kaayyoon qorannoo kanaa taateewwan dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa irratti gama Afaan Oromootiin dhiibbaa geessisan adda baasuuf waan ta'eef, af-gaaffiin odeeffannoo guurrachuuf (sassaabachuuf) mala bu'uura odeeffannoo qorannoo kanaati. Kana keessatti akka madda ragaatti kan fudhataman barsiisota Yuunivarsiitii Jimmaa digrii jalqabaa Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisan lama qofa yemmuu ta'an, sababiin barsiisonni kun filatmaniis kallattiin

mataduree qorannootiin walittii dhufeenya waan qabaniifidha. Qorataan ragaa gahaa naaf kennu jedhee waan yaadeefi. Malli qophaa'insa af-gaaffii kanneenis, karaa (bifa) lamaan yemmuu ta'an, isaanis:- gaaffii banaa fi cufaa qopheessuun ta'a.Kunniinis, kan filatameef (barbaachiseef) gaafatamtoonnii wanta isaanitti dhaga'amu walabummaan akka deebii laatan waan isaan affeeruuf .Raga gahaa argachuuf ammoo qoratichi,gaaffilee fudhatama qabaniifi ifa ta'andhiheessuuf qaba.

## 3.6 Mala Xiinxala Ragaa

Odeeffannoon mala qormaataa barattootafi af-gaaffii barsiisota irraa funaaaname gabatee keessatti tarreessuun ibsi kan itti kennameedha. Akkasumas, ulaagaaa madaallii seera-qabeessa ta'etti gargaaramuun qormaaanni barattootaa sororfamee dogaggora irra caalatti kan mullatan adda baasuun lakkoofsaa fi dhibbantaan kan kaa'ameedha. Kanaafuu, ragaan haala qulqullinaafi ga'umsa qabuun funaanamee kan qaacceffamedha. Walumaagalatti, odeeffannoon funaanaman yaada walfudhataniin kan qindaa'anii hiikti itti kennamanii, argannoon adda bahee yaadni furmaataa kan itti kennameedha.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE


Boqonnaa kana keessatti barattoonni Yuunivarsiitii Jimmaa damee Afaan Oroomoo fi Og-barruu digirii jalqabaa wagga lammaffaa bara 2012 baratan yeroo keeyyata Afaan Oromoo barreessan dogoggora uuman ilaalchisee odeeffannoo funaanaman kana keessatti kan qaacceffamanidha. Odeeffannoon funaanaman kunniinis, jalqaba barattootaaf qormaata hima ijoo keeyyata tokkoo haga shanii barreeffamanii dhiyaatan keessaa tokko filachuun akka isaan keeyyata tokko ijaaran yookiin barreessan gochuun odeeffannoon funaanamedha. Itti aasnuun barsiisota iddattoo ta'an af-gaaffii banaa fi cufaa dhiyaateef irraa odeeffannoon kan funaanamedha. Dhumarratti barattoonni kunneen dogoggora maalfaa akka uuman, goosa dogoggoraa irra caalaa uumanii fi maddi dogoggorichaa maal maal akka ta'e addaan baasuun qaacceffameera.Odeeffannoon qorataadhaan walitti qabamanii, qindeeffamanii fi gurmeeffamuun kan hiikamanidha. Odeeffannoon guuraman jechootaan ibsamuun lakkoofsaan adda ba'anii tarreeffamanii ibsamaniiru.Kanaafuu qoratichi mala qorannoo makaatti gargaarameera.

Odeeffannoon erga qaacceffamee booda argannoowwan odeeffannoo kanarraa argaman kutaa itti aanu keessatti dhiyaataniiru.Barattoonni kunniin keeyyata Afaan Oromootiin yeroo barreessan dogoggora barreeffamaa akka uuman bira gahameera.Kun immoo ergaa dabarsuun barbaadame tokko qama barbaadameef akka hin qaqqabne taasisa; ergaa isaas akka jijjiiru godha. Kana keessatti dogoggorri barreeffamaan uumaman akkaataa itti fayyadama dhamsagarraa kaasee hanga himoota jijjiiruutti dogoggoroonni hedduun kan mul'atanidha. James (1998,f.304) akkaataa qaaccessi dogoggora barreeffamaa itti adeemsifamu ilaalchisee akka ibsetti sakatta'a bal'aa adeemsisuun dogoggora barattoonni uuman adda baasuun, kan adda ba'e tarreessuun, kan tarraa'e kutaa kutaatti qoqqooduun akka qaaccessamee ibsamu kutaa sakatta'a barruu jalatti kan dhiyaatedha. Yaada kana bu'ura godhachuudhaan qaaccessaaf akka tolutti kutaa kutaadhaan (akkaataa gosa dogoggorri irra caalaa keessatti mul'ateen) qoqqoodamanii fuula itti aanutti qaacceffamanii, ibsamanii kan dhiyaatanidha.

## 4.1 Gosoota Dogoggoraa Barreeffama Keeyyata Keessatti Uumaman

### 4.1.1 Dogoggora Qubeessuu Barattootaaa

(1) Barreeffama barataa (A) dogoggora jechaa dubbachiiftuu itti dabaluun keeyyata keessatti uume agarsiisu



Bu'aa Barnootaa

Barnoonni Bu'aa heddu qaba. Barnoonni Daawwiti dhallii namaa Barnoonni Bu'aa ittin of ilaallatuudhaa. Barnoonni damee qaroominaati. Keessatti ittin of ilaallatuudhaa. Barnoonni beekumsi ittiin argatamu keessaa isa tokko. Barnoonni karaalee beekumsi ittiin maalummaa ofii, beekumsa ofii ittiin dha. Barnoonni kan ittiin maalummaa ofii gasgaaruudha. Kanaaf, barnoonni bu'aa ibsachuuf kan nama gasgaaruudha. Bu'aan barnootaaraa argamu kana jen-heddu qaba jechuudha. Bu'aan barnootaa argamu kana jen-nee ibsuu dhaf nurakkisa. Sababni isaas, barnoonni bu'aa heddu waan qabuuf. Eegaan waliumaa gaalatti Tokko isee faayyada-Barnoonni bu'aa heddu qaba jechuudha. muutu siniidha.

Qu- Qubeessuu
ST- Sirna Tuqaalee
Qg- Qubqudeessa
CA- Caasluga
FJ- Filannoo Jechootaa

Ibsa:-Ragaa armaan olii yoo ilaalle dhalli namaa kan jechuu malu dogoggora dubbachiiftuu itti dabaluun dhaalli namaa jechuun jechicha hiika dhabsiiseera.


Gabatee 4.1Qubeewwandubbachiiftuuwwan dogoggoraan dabalaman (bakka hinbarbaachisnetti sagalee dheeressuu) agarsiisu.

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu | Qubeewwandabalaman |
|---|---|---|---|
| 1 | Dhallii namaa | Dhalli namaa | **\|i\|** |
| 2 | Of ilaallatudhaa | Of ilaallatudha | **\|a\|** |
| 3 | Jireenya dhala namaatii | Jireenya dhala namaati | **\|i\|** |
| 4 | Yaalaa | Yaala | **\|a\|** |
| 5 | Da'ooo | Da'oo | **\|o\|** |

Gabatee armaan olii kana keessatti barattoonni qormaata keeyyata barreessan irraa odeeffannoo funaanameen barreeffama barattoonni dogoggoraan barreessan keessaa qubeewwandubbachiiftuuwwan dabalamuu hin qabne yeroo dabalanii dogoggora uuman kan mul'isudha.Tartiiba lakkoofsa tokkoffaa keessatti dhamsagni dubbachiiftuun |i| iddoo hin barbaachisnetti dabalamtee jechicha kallattiidhaan wanta jedhamuu barbaadame irraa maqsuun hiika dhabsiisteetti. Lakkoofsa lammaffaa fi sadaffaa keessatti dhamsagoonni |a| fi |i| dabalamuun yaadonni barbaadaman hafaniiru.Yaadonni biraa uumamaniiru.Yaadonni uumaman kunniinis, himoonni himamsaa gara himootagaaffiitti jijjiiramaniiru. Lakkoofsa arfaffaa keessatti dhamsagni |a| dabalamuun yeroo raawwii ibsuun kan barbaadame yaada biraa agarsiiseera. Lakkoofsa shanaffaa keessatti dhamsagni |o| dabalamuun haala barreeffama Afaan Oromoo keessa hin jirreen yookiin sagalee dubbachiiftuu sadii walfaana fayyadamuun hiika dhabeessa taasiseera.Seera gafaanichaas akka cabse hubachiisa.

Geetaachoo (2009, ff.26-28) qubee dubbachiiftuu dabaluu ilaalchisee akkas jechuun ibseera, "Dabalata yeroo Kanaan dubbachiiftuun uumamu hiika duraan qabu ni jijjiira." Egaan Dhamsagoonni dubbachiiftuuwwan armaan olitti dabalaman yaada barbaadamu akka hafee fi yaadni dogoggora biraa uumameen barreeffamichi hiika dhabeessa ta'uusaa fi barattoonni dogoggora uumamuuf dhimmaa fi fedhii dhabuun isaanii qorannoon kan mirkanaa'edha.

(2) Barreeffama baratаа (B) dogoggora dubbifamaa itti dabaluun keeyyata keessatti uume agarsiisu



Ibsa:- ragaan armaan olii yoo ilaalle jecha gara kan jechuu maluu garra jechuun jechicha hiika dhabsiiseera.

Gabatee 4.2Qubeewwandubbifamoo dogoggoraan dabalaman (Bakka hinbarbaachifnetti sagalee jabeessuu) agarsiisan.


| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan. | Yeroo sirreeffamee barreeffamu | Qubeewwandabalaman |
|---|---|---|---|
| 1. | Jirraachuuuf | Jiraachuuf | /r/ |
| 2. | Faayyidaa | Faayidaa | /y/ |
| 3. | Akkumma | Akkuma | /m/ |
| 4. | Barnnonni | Barnoonni | /n/ |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 5. | Danddeetti | Dandeettii | /d/ |
| 6. | Garra | Gara | /r/ |
| 7. | Seeraann | Seeraan | /n/ |
| 8. | Maddd | Madda | /d/ |
| 9. | Jiruuff | Jiruuf | /f/ |

Gabatee armaan olii irraa kan arginu yeroo barattoonni dogoggoraan qubeewwandubbifamoo hin barbaachisne dabaluun ergaan barbaachisaan akka hin dabarre taasisaniiru. Lakkoofsa tokkoffaa, lammaffaa, sadaffaa, arfaffaa, shanaffaa fi jahaffaa irratti qubeewwan dubbifamaan gidduu seenuun yaadichi akka gufatu taasisaniiru.Lakkoofsa torbaffaa, saddeettaffaa fi salgaffaa irratti ammoo dubbifamoonni dabalaman yaadicha hiika dhabsiisaniiru.Kana malees, seerri barreeffama afaan oromoo dhuma jechaatti dubbifamaan lama gosi tokko ta'us gosa adda addaa walitti aanee hin barreeffamu jedhu faallaa akka ta'e irraa hubanna.

Geetaachoo (2009, ff.26-28) "…jechuunis sagalee jabaa uumuuf yeroo barbaachisu sagalee laafaa uumuuf yeroo barbaachisu waan caaluuf.Kanaafuu, itti dabalata yeroo kanaatiin dubbifamaan uumamu hiika duraan qabu irraa hiika adda ta'e akka qabaatu godha." Egaan dhamsagoonni dubbifamoo armaan olitti dabalaman yaadni barbaadame akka hafee fi yaadni dogoggora biraa uumameen barreeffamichi hiika dhabeessa ta'uu isaa fi barattoonni yeroo jechootas ta'e keeyyata barreessan fedhii shaakala dhabuu isaanii irraa kan ka'e qindoomina dhamsagootaa wallaaluun isaanii qorannoo kanaan kan mirkanaa'edha.

(3) Barreefama barataan (C)dogoggora  dubbachiiftuu fi dubbifamaa dabaluun uume agarsiisu.


Bu'aa Barnootaa

Faayidaan barnootaa ibsuuf utuu kaanee kumurrii isaa kana jennee waan keenyuu yookaan daanfaa kana konaaf ruubarbaachi sa jennee kaa'uu hindandeenyu. Garuu, faayidaa isaa keessaa muraasni anfaafa fi beekamuu fa'aan tokko lamaan tarreessuu jaallana

Akkumaa beekamuu barnoonni faayidaa heddumdhala namaa Addunyaa kanoraa jiraachuf kennee jiraa, fakkeenyaaf bu'aan Teekno olojii adda addaa kan akka Tiyyaa Omishuufi balaaichidu, konkolaata, fitchuu, Doctoraa, barsiisaa ta'u bu'aalee barnoot aan argamaniidha jechuudha.

Kana gofaa osoo hin taane namni insinaeraa ta'ee Samoo addaaddaa ijaaruun illee bu'aa barnootaati

Ulaalumaa fakaatti barnoonni ibsituu dooflummaati fi qorum dhala namaafundaati yoo jennee kan mal nama faafachidu miti kanaafuu bu'aa barnoonni dhaala namaaf kennu heddu dha jechuudha.

Ibsa: - ragaa armaan olii yoo ilaalle barumsi dhala namaaf kan jechuu malu dhaala jechuun hiika jechichaa jijjiireera.

Gabatee 4.3Qubeewwandubbifamoo fi dubbachiiftuuwwan dogoggoraan dabalaman yookiin bakka hin barbaachifnetti sagalee jabeessuu, sagalee dheeressuu fi irra-butaa gargaaramuu hafuu agarsiisu.

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan. | Yeroo sirreeffamee barreeffamu | Qubeewwandabalaman |
|---|---|---|---|
| 1. | Keeessaatti | Keessatti | /e/ /a/ /t/ |
| 2. | Barrumisii | Barumsi | /r/ /i/ |
| 3. | Baribbachisadhaa | Barbaachisaadha. | /i/ /b/ /a/ |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 4. | Barraachuun | Barachuun | /r/ /a/ |
| 5. | Afaan Offiin | Afaan ofiin | /f/ |
| 6. | Bu'aa barrumisii dhaala namaaf kennu | Bu'aa barumsi dhala namaaf kennu | /r/ /a/ |

Akkaataa odeeffannoon qormaata barattootaarraa argame ibsutti qubeewwandubbifamootaa fi dubbachiiftonni hin barbaachifne yookiin bakka hin malletti dabalamuun barreeffamicha hiika dhabsiisaniiru.Tartiiba lakkoofsa tokkoffaa, lammaffaa, sadaffaa, arfaffaa fi shanaffaa akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, qubeewwandubbifamtootaa fi dubbachiiftonni osoo hin barbaadamiin dabalaman barreeffamicha akka hiika hin arganne taasisaniiru. Kana malees, yaada tartiiba jahaffaa irra jiru yoo ilaalle qubeen /a/ dabaluun **dhala** ta'uu kan malu**dhaala** ykn hambaa maatii fi firarraa nama ga'u /qaqqabu/ waliin kan wal qabateen jijjiiramuun hiika biroo uumuusaa hubachiisa.

Egaa qubeewwandubbifamtootaafi dubbachiistonni armaan olitti bakka hin malletti dabalaman yaadni barbaadame akka hafeefi yaadni dogoggoraa biraa uumameen barreeffamichi hiika dhabeessa ta'uusaa fi dogoggoroota kanaaf sababa kan ta'e maal yaada jedhu barsiisonni isaaniin gaafatamaniin mana barumsaa sadarkaa gadaanaatti yookiin sadarkaa 1ffaatti seeraan qubeessuu barsiifamuu dhabamuu barattootaa akka ta'e odeeffannoo kennaniiru.

Gabatee 4.4Qubeewwan dubbachiiftuuwwan dogoggoraan hambifaman (Dogoggoraan sagalee gabaabsuu) agarsiisu.

| **T/L** | **Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan.** | **Yeroo sirreeffamee barreeffamu** | **Qubeewwanhambifaman** |
|---|---|---|---|
| 1. | Gudda | Guddaan | /a/ |
| 2. | Barnoonni jamumaa, | Barnoonni jaamummaa, | /a/ |
| 3. | Innii gudda fi | Inni guddaafi | /i/ /a/ |
| 4. | Barnoonni bu'aa inni qabuu | Barnoonni bu'aa inni qabu | /u/ |
| 5. | Dhala namaatif | Dhala namaatiif | /i/ |
| 6. | Fufan | Fufaan | /a/ |

Gabateen armaan olii qubeewwandubbachiistota hafuu hin qabne hambisanii doggoraan barreessuu isaanii agarsiisa.Qubeewwankanneen hambisuun immoo jechi yookiin himni barreeffame tajaajila barbaachisu osoo hinkenniin hafuu isaanii hubachiisa. Fakkeenyaaf jecha

tartiiba lakkoofsa jahaffaa irra jiru yoo ilaalle, sababa qubeen /a/ keessaa hambifameef, barnoota koo itti fufaan jira ta’uu kan malu barnoota koo itti fufan jira yaada jedhutti jijjiiramuun seera barreeffamaa yookiin seer-luga kan cabsee fi ergaa kan hin dabarsine ta’uu nu hubachiisa. Sababa dogoggora akkasiitiif barsiisonni isaanii yommuu gaafataman lakkoofsi barattootaa daree tokko keessatti argaman baay’achuu irraan kan ka’e, tokko tokkoo barataatiif yaada sirreeffaman kennuun akka rakkisaa ta’e qorannoo kanaan kan mirkanaa’edha.


Gabatee 4.5 Qubeewwan dubbifamoo dogoggoraan hambisaman (Dogoggoraan sagalee laaffisuu fi hudhaatti gargaaramuu hafuu) agarsiisu.

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan. | Yeroo sirreeffamee barreeffamu | Qubeewwanhambifaman |
|---|---|---|---|
| 1. | Barnoonni walaalummaa... | Barnoonni wallaalummaa… | /l/ |
| 2. | Barnoonni doofumaa… | Barnoonni Doofummaa… | /m/ |
| 3. | Buaa barnotaa | Bu’aa barnootaa | /’/ |
| 4. | Dandeetii | Dandeettii | /n/ |
| 5. | Walalan | Wallaalaan | /l/ |
| 6. | Bosoni jiruuf… | Bosonni jiruuf… | /n/ |

Akkuma gabatee armaan olii keessatti ibsame barattoonni dubbifamaa hafuu hin qabne hambisuun yeroo isaan dogoggora uuman agarsiisa.Tartiiba lakkoofsa tokkoffaa, lammaffaa, afraffaa, shanaffaa fi jahaffaa keessatti dubbifamaa hambisuudhaan ergichi akka gufatu ta’eera.Tartiiba lakkoofsa sadaffaa keesstti ammo hudhaa galchuu dhabuun/hafuun/ dhamsagoota dubbachiistota sadii walitti aansuun barreessuun ergaan barbaadame karaatti akka hafu ta’eera.Dhamsagoonni dubbachiistotaa gosa tokko sadii fi gosa garaa garaa lama yeroo walitti aananii barreeffaman gidduu isaanii hudhaa yoo hin galchine hiika hinqaban, ergaas hin dabarsan.

Akkasumas seera barreeffama afaan oromoo kan faallessee fi kan cabse ta’uu isaa kan nutti muldhisuudha. Qormaata dhuunfaa dhuunfaadhaan barattoonni qoraman kana sororuu fi ilaaluun barsiisaan (A) akkas jechuun yaada isaanii kkennaniiru. Keeyyata barattoonni tokko tokko barreessan dubbisanii yaada itti kennuun akka nama rakkisu dubbataniiru. Kana waan ta’eef, qorannoo kanaan kan mirkanaa’edha.

(4) Barreefama barataa (D) dogoggora qubeewwan dubbachiiftuufi dubbifamaa irraa hambisuun ume agarsiisu.




Ibsa:- Raga armaan olii yoo ilaalle jecha hedduu kan jechuu malu heduu jechuun hiika jechichaa jijjiireera.


Gabatee 4.6Qubeewwan dubbachiistuuwwanii fi dubbifamoo dogoggoraan hambisaman (Dogoggoraan sagalee laaffisuu fi sagalee gabaabsuu) agarsiisu.

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan. | Yeroo sirreeffamee barreeffamu | Qubeewwanhabisaman |
|---|---|---|---|
| 1. | Dhaali nama | Dhalli namaa | /l/ /a/ |
| 2. | Dofuumaa | Doofummaa | /o/ /m/ |
| 3. | Walaalummaa hedu… | Wallaalummaa hedduu… | /l/ /a/ |
| 4. | Eenyumaa ofii… | Eenyummaa ofii… | /e/ /m/ |
| 5. | Heduu | Hedduu | /d/ |
| 6. | Tokoole | Tokkollee | /k/ /l/ /e/ |
| 7. | Ogbarrrunilee | Ogbarruunillee | /u/ /l/ |

Gabateen armaan olitti dhiyaate kun barattoonni yeroo barreessan qubeewwandubbifamaa fi dubbachiistuu hambisuun dogoggora yommuu uuman kan agarsiisuudha.Tartiiba lakkoofsa tokkoffaa hanga torbaffaatti kan jiran keessatti ergoonni dabarfamuu barbbdaman akka gufatan

ta’aniiru. Fakkeenyaaf tartiiba lakkoofsa shanaffaa irra kan jiru jecha **hedduu** jechuun kan barbaadame gedderamuun ergaa biraa **heduu** yookiin yaaduu, xiinxaluu yaada jedhu uumeera. Egaan dhamsagoonni dubbachiiftuuwwanii fi dubbifamoonni armaan olii hambifaman akka hafanii fi yaadonni dogoggoraan uumamanii barreeffamichi hiika dhabeessa ta’uun isaa qorannoo kanaan kan mirkanaa’edha.

5. Barreeffama barataa (E) dogoggoraan dubbachiiftuwwan dubbichiftuwwan biroon bakka buusuun uume agarsiisu.


4.7

Faayidaa Afaan Ofiin barachuu

Faayidaan afaan(ii) ofiin barachuu eegaa akkumaa beekamuu
fabee afaan ofiin barachuu faayidaa fuddaa akka fabu
hubanna. kanaafuu, afaan ofiin barachuun mil ta'inaa
fabee afaan oromoo keessaa ila fuddaafi barbaachisaa
akka ta'e hubachuu nidandeenya. Haataummalee, fubee
afaan ofii irraa waan fuddaa baruyi barsiisuulee ni barban-
na. falalumaafalattee, faayidaan afaan ofiin barachuu
waan guddaa fibuu'uura akka dhaloo ta dhaloottatti kandarbu
ta'uusaa hin oolu. CA

WU- fialtta'insa

CA - Caasluga

Ibsa:- Ragaa armaan olii yoo ilaalle jecha qubee Afaan oromoo kan jechu malu qabee afaan oromoo jechuun hiika dhabsiisera.

Gabatee 4.7Qubeewwandubbachiiftuuwwan dubbachiiftuuwwan biroon dogoggoraan bakka buusaman agarsiisu

| T/L | Barreeffama barattoonni dogoggoraan barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu | Qubeewwanbiroon bakka buusaman |
|---|---|---|---|
| 1 | Qabee afaan oromoo | Qubee afaan oromoo | \|a\| |
| 2 | To'umsa mana keessaa | Taa'umsa mana keessaa | \|o\| |
| 3 | Bu'oon | Bu'aan | \|oo\| |
| 4 | Won ta'eefi | Waan ta'eef | \|o\| |
| 5 | Faayidaa barnoonni dhale namaaf | Faayidaa barnoonni dhala namaaf | \|e\| |

Gabatee armaan olii keessatti akkuma mul'atu barattoonni dogoggoraan qubeewwan dubbachiiftota biroo bakka buusuun barreeffamichi akka hiika dhabu taasisaniiru. Akka fakkeenyaatti tartiiba tokkoffaa yoo ilaalle dhamsagni dubbachiiftuun |u| dhamsaga dubbachiiftuu |a| bakka bu'uun 'qubee afaan oromoo' ibsuun kan barbaadame mi'a |meeshaa aadaa| qabee jecha jedhutti geeddaramuun hiika biraa uumeera. Egaa dhamsagoonni dubbachiiftuuwwan armaan olitti bakka buusaman yaadonni barbaadaman hafanii yaadonni dogoggoraan uumamanii barreeffamicha hiika dhabeessa taasisuu fi barattoonni Afaan Oromoo seeraan qubeessuu wallaaluun isaanii qorannoo kanaan kan mirkanaa'edha.

Gabatee 4.8 Qubeewwan dubbifamoo dubbifamoo biroon dogoggoraan bakka buusaman agarsiisu

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu | Qubeewwan biroon bakka buusan |
|---|---|---|---|
| 1 | Kami bosona malee jiraatu… | Kan bosona malee jiraatu… | \|m\| |
| 2 | Doctora | Doktora | \|c\| |

Gabatee armaan oliirraa akka hubatamutti kana keessatti dubbifamaan barbaachisaa ta'e hafuun qubee dubbifamaa biraatiin bakka bu'u argina.Qubeewwan bakka bu'an kunneen immoo waan jedhamuuf malu hafuun waan hiika hin qabne agarsiisa. Akka fakkeenyaatti tartiiba tokkoffaarra kan jiru yoo ilaalle, dhamsaga |m| bakka buusuun jecha '**kan'** jedhu '**kam'** jecha jedhutti jijjiiruun dhaamsa jedhamuuf barbaadame hanqisaniiru. Dabalataanis, jecha afaan Oromootiin '**Dooktara'** jedhu dhamsaga dubbifamaa |**k**| dhamsaga |**c**| bakka buusanii yeroo barreessanis

nimul'ata. Kun immoo dhiibbaa afaan dhalootaa fi afaan biraa irraan kan ka'e dogoggorri uumamuusaa qorannoo kanaan kan mirkanaa'edha.

## 4.1.2 Dogoggora Caaslugarratti uumame


Gabatee 4.9Dogoggora itti fayyadama wal-simannaa mathimaa, anthimaafi gochimaagarsiisu

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu |
|---|---|---|
| 1 | Bu'aan barnoota kana hima yookaani barreeffamee dhumuu mitti | Bu'aan barnootaa kan himamee yookiin barreeffamee dhumu miti |
| 2 | Egaan walumaa gaalatti barnoonni ba'aa hedduu qaba jechuudhaa. | Egaan walumaa galatti barnoonni bu'aa hedduu qaba jechuudha. |
| 3 | Faayyidaa Bosonni qabu keessati yemmuu ilaalla | Faayidaa barnoonni qabu yoo ilaalle |
| 4 | Barnoonni faayidaa hedduu qaba. Bakka itti afaan hikaatanii, bakka itti qaroominni cimuu fi kkf | Barnoonni faayidaa hedduu qaba. Fkf. qaroomina cimsuuf,… |
| 5 | Addunyaa beekumso hoorochuuf | Beekumsa addunyaa argachuuf ykn horchuuf |
| 6 | Faayidaa bosona faayidaa guddaa naaf qaba | Faayidaan bosonni dhala namaaf qabu guddaa dha. |
| 7 | Bosonni faayidaalee garaagaraatii fayyada. Bosonni wantoota uumamaan dachee uwwisee argamudha | Bosonni faayidaalee garaa garaatiif oola |

Akkuma gabateen armaan olii mul'isutti barattoonni yeroo hima ijaaran mathima, aanthimaa fi gochimni haala sirriin kan qindeessanii barreessan miti. Tartiiba jechoonni itti hiriiran kun immoo ergichi akka hin hubatamne taasisaniiru. Hima tartiiba shanaffaarratti yoo ilaalle "**beekumsa addunyaa argachuuf"**kan jechuu malu '**addunyaa beekumsaa horachuu**' jechuun wal jala dabarsuun barreessaniiru. Kana malees, filannoo jechootaatti hin gargaaramne, tartiiba eeggatee hinqindoofne irra deddeebiin jechootaas ni mul'ata. Akkasumas, tartiiba lakkoofsa arfaffaa yoo ilaalle **barnoonni faayidaa hedduu qaba**. Fakkeenyaaf qaroomina cimsuuf kan jechuu malu faayidaa barnootaa mana barumsaa fakkeessuun bakka itti afaan hiikkatan, bakka itti qaroomina cimsan jechuun hanqina ragaa dhiyeessuun wal qabatee seera barreeffama afaan oromoo keessa hin jirre barreessuun ergichi akka hin hubatamne taasiseera. Kana malees, barsiisonni isaaniis odeeffannoo kennan yoo ilaalle barattoonni yommuu keeyyata afaan

Oromootiin barreessan dogoggora caaslugaa fi hanqina ragaa (yaada) dhiyeessuu akka qaban himaniiru. Dogoggora kanaaf ammoo sababoonni maal maal ta'uu danda'u gaaffii jedhu gaafatamaniin mana barumsaa sadarkaa 1ffaa keessatti seeraan barsiifamuu dhabamuu, lakkoofsi barattootaa daree tokko keessatti argamanii baay'achuu tokkoo tokkoo barattootaaf yaada kennuun akka rakkisaa ta'e himaniiru.Gama biraatiin ammoo shaakalaaf fedhii dhabuu yookiin salphisanii ilaaluu (simplication) dha. Adeemsa afaan barachuu keessatti barattoonni seeraa fi caasaa afaanii maquu hin qabne maal na dhibdeedhaan salphisanii ilaaluun dogoggora uumuu danda'u. addunyaa (2010,ff.30-32) akka ibsetti immoo "maddi dogoggoraa qubeessuurratti uuman kan biroon, beekumsa caasaa afaanichaa malee, itti fayyadama dhamjechootaa, filannoo fi duraa duuba jechootaa eeganii barreessuudha. Haalli kun immoo himoota ijaaraman keessatti duraa duubummaa, irraa jalummaa walta'iinsa mathimaafi gochimaa, akkasumas, dhaamsa darbu sana gaaga'a." Egaa wal simannaan hafuun mathimaa, anthimaa fi gochimaa yaadni barbaadames akka hafee yaadni dogoggora biraa uumameen barreeffamichi hiika dhabeessa ta'uu isaa qorannoo kanaan kan mirkanaa'edha.

6. Barreeffama barataa (F) dogoggora itti fayyadama lakkoofsaa agrsiisu.




Ibsa:- Ragaa armaan olii yoo ilaale dhalli namaa kamuu kan jechuu malu dhaali nama kami jechuun ergaa dhabsiiseera.

Gabatee 4.10Dogoggora itti fayyadama lakkoofsaa hima keessatti agarsiisu

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu |
|---|---|---|
| 1 | Dhaali nama kami bosona malee jiraachuu hin danda’an. | Dhalli namaa kamuu bosona malee jiraachuu hin danda’u. |
| 2 | Barnoonni bu’aa baay’ee qaba. Innis: - | Barnoonni bu’aa baay’ee qaba. Isaanis: - |
| 3 | Afaan ofiin barachuun faayidaa inni qaba hedduudha. | Afaan ofiin barachuun faayidaa inni qabu hedduudha. |
| 4 | Faayidaa bosonaa immoo karaalee hedduu ibsaanii dandeenya. | Faayidaa bosonaa karaalee hedduu ibsuu dandeenya. |

Gabatee armaan olii irraa kan hubatamu yeroo barattoonni keeyyata barreessan danoominaa fi qeenxummaa jechootaa osoo adda hin baafatin akkuma itti fakkaatetti yeroo dogoggoraan barreessan agarsiisa. Tartiiba lakkoofsa lammaffaa keessatti jechi baay’ee jedhuu fi jechi innis jedhu waliin hin deeman. Sababiin isaas baay’ee jenna taanaan danooma waan agarsiisuuf lakkoofsa qeenxee waliin tasumaa deemuu hin danda’u.

Lakkoofsa tokkoffaa keessatti dhalli namaa kamuu bosona malee jiraachuu hin danda’an osoo hin taane jecha hin danda’uutti jijjiiramee hiika argachuu mala. Hindanda’an yaanni jedhu lakkoofsaan baay’ee yoo ta’u, hin danda’uun immoo nama tokko qofaaf tajaajila kenna. Haaluma wal fakkaatuun tartiiba lakkoofsa sadaffaa keessa jiru yoo ilaalle, jechi**qaba** jedhu waa tokko (qeenxummaa) yogguu agarsiisu jechi **qabu** jedhu baay’ina waan tokkoo (daneenya) kan agarsiisu ta’a. kanaafuu jechoonni kanneen hima kana keessatti dogoggora barreeffaman ergichi ifa akka hin taane agarsiisa. Hima keessatti dogoggora itti fayyadama lakkoofsarratti uumameen yaadni barbaadamu hafee yaadni dogoggora biraa uumameen barreeffamichi hiika (ergaa) dhabeessa ta’uu isaa fi haala ijaarsa caasaa afaan Oromoo wallaaluun isaanii qorannoo kanaan kan mirkanaa’edha.


Gabatee 4.11Dogoggora hima keessatti itti fayyadama koorniyaa fi bamaqaa agarsiisu

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu |
|---|---|---|
| 1 | Bosonni yoo garmalee itti fayyadaman garuu dhumuu fi manca’uu ni danda’a. | Bosonatti yoo garmalee itti fayyadamne garuu dhumuu fi manca’uu ni danda’a. |

| | | |
|---|---|---|
| 2 | Baratanii iddoo guddaa ga’uu ni dandeenya. | Barannee iddoo guddaa ga’uu ni dandeenya. |
| 3 | Akkan jabaadhu na taasise. | Akkan jabaadhu na taasisan. |

Akkuma gabatee armaan olii irrtti mul’atu barattoonni keeyyata barreessanirraa dogoggoroonni koorniyaa fi akkaataan itti fayyadama bamaqaa kan wal hin simanne dha. Tartiiba lakkoofsa tokkoffaarra jechi (fayyadaman) jedhu bamaqaa ramaddii Sadaffaa danuu kan agarsiisudha. Haa ta’u malee jechi kun caasluga keessatti fayyadamne jecha jedhutti jijjiiramuun bamaqaa ramaddii tokkoffaa danuu ta’uun tajaajila kennuu qaba. Karaa biraa jechi fayyadaman kan jedhu bamaqaa (isaan) fayyadamne jechi jedhu ammoo bamaqaa (nuyi) kan jedhu waliin wal simsiisuun barreeffamuu qabu. Himni lakkoofsa lammaffaarra jiru mathimnii fi gochimni wal hin simanne.Mathimni waa’ee isaanii ibsuuf jecha dandeenya jedhu ammoo waa’ee ofiiif bakka bu’e.kanaaf ramaddiileen walhinsimanne. Hima dhiyaate keessatti ramaddiin sadaffaa fi tokkoffaan wa fudhachaa hin jiru. Egaa dogoggora himoota qindeessuu hafuun ergaan barbaadame akka galmaan hin geenye qorannoo kanaan kan mirkanaa’edha.

7. Barreffama barataa (G) dogoggora jechaa hima keessatti uume agarsiisu.




Ibsa:- Ragaa armaan olii yoo ilaalle bu’aa barnoota kan jechuu malu ba’aa jechuu hiika dhabsiiseera.

Gabatee 4.12Dogoggora jechaa hima keessatti hiika irratti fidu agarsiisu

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu |
|---|---|---|
| 1 | Afaan ittiin dhalatanii barachuu | Afaan itti dhalatan barachuu |
| 2 | Ba’aa barnootaa | Bu’aa barnootaa |
| 3 | Madaa dhuftee ofii beekuu | Madda dhuftee ofii beekuu |
| 4 | Walumaa galatti bu’aan barumsaa amma kana jechuun hin danda’amu | Walumaa galatti bu’aan barumsaa hamma kana jechuun hin danda’amu |
| 5 | Barnoonni kan ittiin ijaa banatanii | Barnoonni kan ittiin ija banatan |

Gabatee armaan olii kana keessatti dogoggoroonni uumaman bakka barbaadame keessatti himichi akka ifa hin taanee fi hiika akka jijjiirratu taasisaniiru.Tartiiba lakkoofsa tokkoffaa keessatti maxxantuun **ittiin** jedhu (-in) dabalamuun hiika biraa akka qabaatu taasiseera. As keessatti ergaan dabarfamuun barbaadame afaan itti dhalatan barachuu yaada jedhu kan ta’uu malu afaan ittiin dhalatan barachuutti jijjiiramuun dhaamsa isaa jijjiireera. Afaan itti dhalatu malee ittiin hin dhalatan.Sababiin isaas namni kamiyyuu afaan fudhatee garaa haadhasaa keessaa ba’u waan hin jirreef. Afaan kan baratamu dhalootaan booda.

Gama biraatiin tartiiba lakkoofsa lammaffaa, sadaffaa fi arfaffaa jechoonni dogoggoraan barreeffaman guutummaan guutuutti ergichi akka jijjiiramu taasisaniiru. Kunis tartiiba lakkoofsa lammaffaarra kan jiru yoo ilaalle **bu’aa** barnootaa kan jechuu malu **ba’aa** (ulfaatina) yookiin waan ulfaatu tokkotti jijjiirameera. Tartiiba sadaffaa keessatti jechi (madda) bu’uura dhufaatii ofii beekuu kan jechuu malu jecha miidhaa qaama irratti mul’atu (madaa) kan jedhutti jijjiirameera. Tartiiba arfaffaa keessatti jechi (**hamma**) yookiin **hanga** barnootaa ibsuuf kan yaalame **amma** (**si’ana**) mul’istuu yerootti jijjiiramuun waan jedhamuuf yaalamerraa kallattumaan maquun gara ergaa hin barbaadamneetti jijjiirameera.Barsiisonni isaaniis dogoggorri akkasii (qubeessuu) maaliraa dhufu jedhamanii gaafatamaniin barattootni kun yeroo hedduu dogoggoraan yeroo sagalee jabeessanii fi laaffisan, dheeresssanii gabaabsan kan irraa mul’atu ta’uu himaniiru.


Gabatee 4.13Dogoggora qubguddeessaa hima keessatti agarsiisu

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu |
|---|---|---|
| 1 | …gumaacha guddaa qaba. dabalataan… | …gumaacha guddaa qaba. Dabalataan… |
| 2 | qubee afaan oromoo | Qubee Afaan Oromoo |
| 3 | Baranoni bu’uuraa jireenya dhalaa namattii | Barnoonni bu’uura jireenya dhala namaati. |
| 4 | Walumaa galatti | Walumaagalatti |
| 5 | Barnnoonni Daawitii dhallii namaa… | Barnoonni daawwitii dhalli namaa… |
| 6 | Bu’aan Barnootarraa argamu | Bu’aan barnootarraa argamu |
| 7 | Akkummaa beekamuu | Akkuma beekamu |
| 8 | …dandeettii Barreessuu fi dubbisuu… | …dandeettii barreessuu fi dubbisuu… |
| 9 | Kanneen keessaa muraasni: Tokkoffaa da’oo bineensotaaf, Lammaffaa… | Kanneen keessaa muraasni: tokkoffaa da’oo bineensotaaf, lammaffaa… |
| 10 | Bosona Faayidaa… | Bosonni faayidaa… |

Akkuma gabatee armaan olii keessatti mul’atu gosa dogoggoraa barattoonni uuman keessaa itti fayyadamni qubguddeessaa isa tokkodha.Barattoonni keeyyata barreessan irraa odeeffannoon guurame gabatee armaan olii keessatti mul’atu akkaataa itti fayyadama qubguddeessaa barreeffama Afaan Oromoo keessatti wallaaluu agarsiisa. Kana malees keeyyanni barattoonni kun barreessan irra caamaatti ijaa fi ijoo kan hin qabnee fi madaaluun akka nama rakkisuu fi qubguddeessaatti akka fayyadamuu hindandeenye barsiisonni isaanii odeeffannoo kennaniiru.

Tafarii (1998, f 153-155) akka jedhetti “qubeen Afaan Oromoo bakka lamatti qoodama. Isaan kun lamaan barreeffamaan akkasumaan wal-makanii utuu hin ta’in seera barreeffamaa eeganiiti. Qubee gurguddaa fi xixiqqaa walkeessa seera malee makuun sirrii hin ta’u.Jecha yookiin hima akkasumas yaada tokko yoo barreessinu seera barreeffamaa eegnee quboota gosa lamaanuu fayyadamna.” Egaan hima keessatti dogoggorri itti fayyadama qubguddeessaa yaadni barbaadamu hafee yaadni dogoggora biraa uumameen barreeffamichi hiika dhabeessa ta’uu isaa qorannoo kanaan kan mirkanaa’edha.

8.Barreeffama barataa (H) dogoggora sirna tuqaalee agarsiisu.



Ibsa:- Ragaa armaan olii yoo ilaalle barnoonni bu’aa baay’ee qaba. Kan jechu malu barnoonni bu’aa baay’ee qaba: jechuun barreeffameera.

Gabatee 4.14Dogoggora sirna tuqaalee hima keessatti agarsiisu

| T/L | Barreeffama dogoggoraan barattoonni barreessan | Yeroo sirreeffamee barreeffamu |
|---|---|---|
| 1 | Barnoonni Bu’aa baay’ee qaba. Inniis | Barnoonni bu’aa baay’ee qaba. Isaanis: |
| 2 | Barnoonni bu’aa gudda qaba, bu,aan isaa hedduudha. | Barnoonni bu’aa guddaa qaba. |
| 3 | Barnoonni faayidaa hangana hin jedhamne nuuf kennuun isaa kan wal nama gaafachiisu miti Bu’aan barnoota | Barnoonni faayidaa hangana hin jedhamne nuuf kennuun isaa kan wal nama gaafachiisu miti. Bu’aan… |

| | | |
|---|---|---|
| 4 | …dandeettii beekumsaa horachuu fi kkf fa’adha. | …dandeettii fi beekumsaa horachuuf k.k.f.dha. |
| 5 | bakka itti qaroomini cimuu fi kk.f kaasuu ni dandeenya. | bakka itti qaroomini cimuu fi k.k.f kaasuu ni dandeenya. |

Gabatee armaan olii keessatti himoonni qindeeffaman sirna tuqaalee barbaachisaa ta’een bakka barbaachisaa ta’etti fayyadamuu hafuun dogoggora barreeffamaa uuman agarsiisa.Tartiiba lakkoofsa tokkoffaa yoo ilaalle himni jalqabaa erga golabamee booda himni itti aanee jiru waa tarreessuuf waan ta’eef tuqlameetti gargaaramuu qabu turan.Akkasumas, hima lammaffaa keessa jiru yoo ilaalle bakka tuqaan galuu malu qoodduu galchuun barreessaniiru. Tartiiba sadaffaarra kan jiru yoo ilaalle himni tokko xumuramee himni itti fufu tuqaatti osoo hin fayyadamin barreeffamee akka jiru dha. Tartiiba arfaffaa fi shanaffaa osoo tuqaatti hin fayyadamin kottoonfachiifamaniiru.Kan kottoonfachuu qabu jecha tokko yoo ta’edha.Barsiisonni isaaniis dhimma kana irratti odeeffannoo kennaniin bakka hin malletti sirna tuqaalee hin barbaachifne akkasaan galchanii barreessanii fi bakka barbaachisutti ammoo bira darbuun akkasaan irra deddeebi’anii dogoggoran himaniiru. Egaa sadarkaa jechaarraa hanga keeyyataatti dogoggorri itti fayyadama sirna tuqaalee yaadni barbaadamu hafee yaadni dogoggorri biraa uumameen barreeffamichi hiika dhabeessa ta’uusaa fi dogoggora uumameef dhimma dhabuufi xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu isaanii qorannoo kanaan kan mirkanaa’edha.

## 4.2 Gosoota Dogoggora Barreeffamaa Irra Caalaatti Uumaman

Gabatee 4.15 Gosoota dogoggorootaa qormaata barattootaarraa irra caalaatti mul’atan addaba’an agarsiisu

| Lakk | Gosa Dogoggorichaa | Ulaagaa dogoggorichi ittiin ilaalame | | | | Baay’ina | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | Lakk | % |
| 1 | Qubeessuu | ✓ | | | | 26 | 50 |
| 2 | Sirna tuqaalee | ✓ | | | | 11 | 21.1 |
| 3 | Qub-guddeessa | | | ✓ | | 3 | 5.7 |
| 4 | Filannoo jechootaa | | | ✓ | | 2 | 3.8 |
| 5 | Caasluga | | ✓ | | | 6 | 11.5 |
| 6 | Wal-ta’iinsa | | | ✓ | | 4 | 7.6 |

Ulaagaa madaallii qophaa'e giddu galeeffachuun barattoonni yeroo keeyyata afaan Oromootiin barreessan gosa dogoggoraa qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessaa, filannoo jechootaa, caaslugaa fi wal-ta'iinsa qabxii sadii sadii keessaayeroo madaalaman barattoonni hedduun isaanii 26 (50%) ta'an rakkoo qubee seeraan fayyadamuu, barattootni 11 (21%) rakkoo sirna tuqaalee,barattootni 3 (5.7%) rakkoo qubguddeesaa, barattootni 2 (3.8%) rakkoo filannoo jechootaa, barattootni 6 (11.5%) rakkoo caaslugaa fi barattoonni 4 (7.6%) ta'an ammo rakkoo wal-ta'iinsaa akka qaban gabatee armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama. Haaluma kanaan dogoggorri qubeessuu irratti mul'ate, dogoggorri sirna tuqaaleetti mul'atee fi dogoggorri caasluga irratti mul'atan dogoggoroota irra caalaatti uumaman yommuu ta'an; dogoggorri wal-ta'iinsaa, qubguddeessaa fi filannoon jechootaa irratti uumaman duraa duubaan kan mul'atanidha.

## 4.3 Maddoota Dogoggoraa

Gabatee 4.16 Maddoonni dogoggora maal maal fa'a akka ta'an adda bahee kan agarsiisu

| T/L | Maddoota Dogoggora | Baayyina barsiisotaa | |
|---|---|---|---|
| | | Lakk | |
| 1. | Shaakala fedhiifi kakaa'umsa keeyyata barreessuu dhabuu barattootaa | 2 | |
| 2. | Barattootni yeroo keeyyata barreessan yookiin shaakalanxiyyeeffannoo kennuu dhiisuufi dogoggora umamuuf dhimma dhabuu | 2 | |
| 3. | Mana barnootaa sadarkaa tokkoffaatti seeraan barsiifamuu dhabuu | 2 | |
| 4. | Mana barumsaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa keessatti lakkoofsi barattoota daree tokko keessatti argaman baay'achuufi tokko tokkoo barataaf yaada sirreeffamaa (duub-deebii) kennuun akka rakkisaa ta'e. | 2 | |

Gabateee armaan olii keessatti akkuma mul'atuu yeroo barattoonni keeyyata barreessanuu maddoonni dogoggora barattoota kanaa maal maal fa'a akka ta'an barsiisoota isaanii irra odeeffannoo af-gaaffiin sassaabamee yaaduma wal fakkaatu kennuun isaanii qornannoo kanaan kanmirkaana'edha.

Adeemsa afaan baruus ta'ee barachuu keessatti dogoggorri wantoota garaagaraa irraa madduu danda'a. Maddi dogoggoraa kunis afaan baruus ta'ee barachuu irratti dhiibbaa guddaa akka qabu

kan beekamedha.Brown (2007, 263-264) akka ibsetti, adeemsa afaan baruus ta’e barachuu keessatti dogoggorri uumamuun dhimma uumamaan jiruu fi kan dhabamuu hindandeenyedha. Dogoggorri adeemsa afaan barachuu keessatti uumamus sababoota adda addaarraa maddu ni qaba. Maddoonni dogoggoraas dimshaashessuu, salphisanii ilaaluu, dhiyeessaa fi meeshaa barnootaa dogoggoraa fi yaaluu dhiisuu ta’uu akka danda’u ibsa.

## 4.4 Dogoggoroota Uumamaniif Sirreessuuf Tooftaalee Barbaachisoo

Gabatee 4.17 Dogoggoroota uumamaniif sirreessuuf tooftaalee barbaachisoo agarsiisuu

| T/L | **Sirreeffama Tooftaalee Barbaachisoo** | Baayyina barsiisotaa | |
|---|---|---|---|
| | | Lakk | |
| 1. | Barsiisoonni mana barumsaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa keessatti Afaan Oromoo barsiisaa jiran dhimammuun yeroo barattoonni keeyyata barreessan (shaakalan) akka isaan fedhii qabataanii barreessan jajjabeesuufi kakaasuu. | 2 | |
| 2. | Lakkoofsi barattootaa sadarkaa tokkoffaa daree tokko keessatti baratan kan madaalame (kan hin baayyanne) gochuun beekumsaafi dandeetti keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu barattootaa akka cimaa deemu gochuu. | 2 | |
| 3. | Hanga danda’ametti yeroo keeyyata barreessuu shaakalan barsiisoonni duub-deebii (yaada sirreeffamaa) barattoota isaaniif kennuu. | 2 | |
| 4. | Barattootni keeyyata barreessuu yeroo shaakalan dogoggora uumamuf dhimma dhabuu dhiisuun xiyyeeffannoo kennuu. | 2 | |
| 5. | Mana barnoota sadarkaa gara gadiitti (tokkoffaatti) keessatti seeraan akka isaan barsiifaman gochuu. | 2 | |
| 6. | Sadarkaa kanattti keeyyata Afaan Oromootiin barreessuun dadhabuun barattootaa hanqina guddaa waan ta’eef, qaamni kun ilaalu hundi gumaacha barbaachiisaa ta’e gochuun murteessadha. | 2 | |
| 7. | Meeshaalee deggarsa barnootatti deggaramuu yookiin gargaaramudha. | 1 | |

Gabatee armaan olii keessatti akkuma mul'atuu barattoonni yeroo keeyyata Afaan Oromootiin barreessan dogoggoroota uumamaniif sireessuuf tooftaaleen barbaachisoo maal maal akka ta'an gabatee keessatti kan tarreeffaman yommuu ta'an, rakkoolee kanas sirreessuuf tooftaalee barbaachisoo barsiisoonni isaanii af-gaaffiin gaafatamanii deebii walfakkaatu kennuu isaanii qorannoo kanaan kan mirkanaa'edha.

Brown (2007, ff. 277-278) dogoggora barattoonni adeemsa afaan barachuu keessatti uuman barsiisonni sirreessuuf tooftaaleen gargaaran akka jiran ibsa.Tooftaaleen kunneenis: fooyyessuun irra deebi'uu, irra deebiif affeeruu, jecha birootiin fakkeenya kennuu, barattoota daree gaafachuu, ifatti yookaan kallattiin sirreessuufi sirreessuun irra deebi'uu ta'uu danda'a.

Gabatee 4.18 Gosoota dogoggoraa qormaata barattootaarraa saalaan adda bahee agarsiisu

| Odeeffanoo Barattootaa | | Ulaagaa madaallii giddu galeeffachuun gosoota dogoggoraa qormaata barattootaarraa irra caalaatti uumaman saalaan adda bahee agarsiisu | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Qubeessuurratti baay'ina barattoota | | Sirna tuqaalee irratti barattoota dogoggora uuman | | Qubguddeessa irratti barattoota dogoggora uumani | | Fiannoo jechootaa irratti barattoota dogoggora uumani | | Caaslugarrattibarat toota dogoggora uumani | | Wal-ta'iinsa irratti barattoota dogoggora uumani | |
| Saala | Barattoota walii gala | Barattoota | % | barattoota | % | Barattoota | % | Barattoota | % | barattoota | % | barattoota | % |
| Dhiira | 21 | 12 | 57.1 | 5 | 23.8 | 0 | 0 | 0 | 0 | 3 | 14.2 | 1 | 4.7 |
| Dubara | 31 | 14 | 45.1 | 6 | 19.3 | 3 | 9.6 | 2 | 6.4 | 3 | 9.6 | 3 | 9.6 |
| Ida'ama | 52 | 26 | 50 | 11 | 21 | 3 | 5.7 | 2 | 3.8 | 6 | 11.5 | 4 | 7.6 |

Gabateen armaan olii gosoota dogoggoraa qormaata barattootaarraa saalaan adda ba'ee jiru yoo ilaalle, dogoggoroonni qubeessuu barattoota dhiiraa 12 (57.1%), kan dubaraa 14 (45.1%), dogoggorri sirna tuqaaleetti fayyadamuu barattoota dhiiraa 5 (23.8%) kan dubaraa 6 (19.3%) dogoggorri qubguddeessaa fayyadamuu barattoota dhiiraa 0 (0%) kan dubaraa 3 (9.6%), dogoggorri filannoo jechootaatti fayyadamuu barattoota dhiiraa 0 (0%), kan dubaraa2 (6.4%), dogoggorri caasluga kan barattoota dhiiraa 3 (14.2%), kan dubaraa 3 (9.6%) yommuu ta'u

dogoggorri wal-ta'iinsaa kan barattoota dhiiraa 1 (4.7%) kan dubaraa ammo 3 (9.6%) akka ta'e ibsameera.

Gabatee 4.19 Af gaaffii cufaa barsiisota Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa barsiisan irraa odeefannoo sassaabame agarsiisu

| T/L | Gaaffii | Deebii | Baay'ina barsiisotaa | |
|---|---|---|---|---|
| | | | lakk | |
| 1 | Barattoonni yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa 2ffaa dame Afaan Oromoo fi Og-barruu baratan rakkoo keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu qabuu? | Eeyyeen | 2 | |
| | | Lakki | | |
| 2 | Barattoonni kun yeroo keeyyata barreessan dogoggora uumaniif sirreeffamni hagam kennamaaf? | Yeroo mara | 1 | |
| | | Darbee darbee | 1 | |
| | | | | |
| | | | | |
| 3 | Yeroo keeyyata barsiifaman barattootni keessan tooftaalee keeyyata babal'isuu xiyyeeffannoon akka shaakalan nii taasiftuu? | Eeyyen, yeroo mara | 1 | |
| | | Lakki ,yeroo muraasa | 1 | |
| | | | | |

Gabatee 4.20 Af gaaffii barsiisota Yuunivarsiitii Jimmaa

| T/L | Gaaffii | Gosoota dogoggoraa | Baay'ina barsiisotaa | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Lakk | |
| 4 | Barattoonni kunniin yommuu keeyyata Afaan Oromootiin barreessan (shaakalan) dogoggora barreeffamaa maal maalfaa uumu | Qubeessuu sagalee gabaabsuu fi dheeressuun jabeessuu fi Laaffisuu | 2 | |
| | | Sirna tuqaalee | 2 | |
| | | Qubguddeessa | 2 | |
| | | Caasaa Afaanii | 2 | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | (caasluga) | | |
| | | Wal-ta'iinsa | 2 | |
| | | Guutummaa | 2 | |
| | | Tokkummaa | 2 | |
| | | Keeyyata tokko akka keeyyata lamaatti barreessuu | 2 | |
| | | Hanqina raga (yaada dhiyeessuu) | 2 | |
| 5 | Dogoggoraa yemmuu keeyyata Afaan Oromootiin barreessan irra caalaatti mul'atan kanneen akkamiiti? | Qubeessuu | 2 | |
| | | Sirna tuqaalee | 2 | |
| | | Qubguddeessa | 2 | |
| | | Walta'insa | 2 | |
| | | Filannoo jechootaa | 2 | |

Gabateeen 4.19 fi 4.20 armaan olii barsiisonni af gaaffii cufaafi banaa gaafatamanii barattoonni kun yeroo keeyyata Afaan Oromootiin barreessan dogoggoroota baay'ee akkasaan uumaniifi akkasaan qaban, gosoota dogoggoraa irra caalaatti uumanii fi dogoggora yommuu keeyyata Afaan Oromootiin barreessan uumamuuf ka'umsi isaa maal maal akka ta'efi dogoggorota mul'atan kana ammoo akkamitti sirreessuu akka danda'amuqorannoo kanaan kan qaaccefamedha.

Walumaa galatti, qorannoon kun haala armaan oliin odeeffannoo qormaata barattootaafi af gaaffii barsiisotaaf dhiyaaterraa dogoggoraan dhaamsaga itti dabaluu fi irraa hir'isuu, dhaamsaga biraa bakka buusuu dogoggoroota uumaman kan qaacceffamanidha. Akkasumas, wal-simannaan hafuu mathimaa, anthimaa fi gochimaa (caasluga), itti fayyadama sirna tuqaalee fi qubguddeessaa, hima keessatti itti fayyadama filannoo jechootaa ilaalchisee irra caalaa dogoggoroota barattoonni uuman tarreeffamanii qaacceffamaniiru. Kana malees, odeeffannoon afgaaffiidhaan barsiisota Afaan Oromoo barattoota kana kallattumaan daree seenanii barsiisanirraas funaanaman kan ibsi itti kennamanii fi maddoonni (ka'umsi) dogoggorootaa maal maal akka ta'an adda bahaniiru. Akkasumas, dogoggoroonni mul'atan kun ammo tooftaaleeakkamiin akka sirreeffamuu qabaniifi gosoonni dogoggoroota ulaaga madaalli irratti hundaa'uun kan sadarkeeffamaniidha.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1 Goolaba

Karaalee dhalli namaa dhimma (jiruuf jireenya) isaa ittiin dabarfatu keessaa barreessuun isa tokkodha. Haa ta'u malee barattoonni Yuunivarsiitii garaa garaarraa Afaan oromoo baratanii digirii jalqabaa eebbifamanii hojii barsiisummaaf gara mana barumsaatti yeroo adda addaa ramadamaniifi sadarkaa mana barumsaa koottis, yeroo dhufanii hojii jalqaban barreeffamni Afaan oromoo isaanii dogoggora (rakkoo) qabaachuu isaa waanan argeef,kanarraa ka'uun,barattoota yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa damee barnoota Afaan Oromoo fi Og-barruu baratan kun ammo keeyyata Afaan oromootiin yeroo barreessan sadarkaa maalirra akkasaan jiraan mirkaneeffachuuf jechaa qorannoo kana akkan gaggessu na kakaase. Kana keessatti barattoonni kun gosoota dogoggoraa akkamii akka uuman, irra caalaatti gosa dogoggoraa uumameef maddi dogoggorichaa maal akka ta'e adda baasuun qaaccessee odeeffannoosaa qaama barbaachisu biraan gahee xiyyeeffannoon akka itti kennamu gochuuf. Qorataan kun dogoggora uumamee jiru bu'ura godhachuun ragaalee barbaachisoo ta'an qaama dhimmi kun kallattiin ilaalurraa mala qormaataa fi afgaaffiidhaan odeeffannoon walitti kan qabamanii fi boqonnaa afurr keessatti qaacceffamanii kan ibsamaniidha.

Adeemsi qorannichaas ragaaleen iddattootarraa meeshaalee armaan gadiin funaanamaniiru.

- Qormaata barreessuu irratti xiyyeeffate barattootaaf qopheessuun.
- Afgaaffii kallattiidhaan barattoota kana barsiisota barsiisan.

## 5.2 Argannoo

Ragaalee walitti qabaman ibsaaf akka tolutti, akkasumas akkaataa barbaachisummaa isaatti kan qindaa'anidha. Qormaanni keeyyata Afaan Oromoo barreessuu hima ijoo keeyyataa "seenaa jireenya kee, faayidaa Afaan ofiin barachuu, bu'aa barnootaa fi bosonaa" jedhu irratti qophaa'uun barattoonni akka barreessan taasifamuun; barreeffama barreessan keessaa dogoggoroonni uumamanii fi gosoota dogoggoroota adda bahanii kan ibsamanidha. Afgaaffii cufaa fi banaa barsiisotaaf dhiyaatan akkaataa duraa duuba gaaffii dhiyaataniin ibsi kan itti kennamedha. Dogoggora barattoonni kun uumanis maloota odeeffannoon kun itti gargaarame (qormaataa fi afgaaffii) yaadolee beektotaa boqonnaa lama keessatti dhiyaateen deggeramuun

qaacceffamee ibsamuun argannoo dogoggora dhamsagootaa, sirna tuqaalee, caasluga, wal ta'iinsa, qubguddeessafi fillannoo jechootaa ta'uun adda bahee beekameera.

Dogoggoroota barattoonni kun uumanis, dogoggora barattoonni kamuu uuman ta'ullee, sadarkaa kanatti dogoggora hedduu barattoonni kun kan uuman adda ba'ee kan bira ga'amedha.

Akka walii galaatti dogoggora barreeffamaa barattoonni kun uuman:

- Dhamsagoota jijjiiruun dhamsagoota biroo bakka buusuu.
- Dhamsaga itti dabaluu.
- Dhamsaga keessaa hambisuu
- Itti fayyadama sirna tuqaalee
- Itti fayyadama qubguddeessaa
- Walsimannaa hafuu mathimaa, anthimaa fi gochimaa
- Itti fayyadama lakkoofsaa
- Itti fayyadama koorniyaa
- Dogoggora jechaa hiika irratti fidu
- Irra deddeebii jechootaa
- Hanqina raga dhiyeessuu.
- Seera keeyyanni itti barreeffamu wallaaluu ykn keeyyata tokkoo akka keeyyata lamaatti barreessuu.
- Walqabsiistota gargaaramuu dhabuu
- Yaada qindeessuu
- Yaada maddisiisuufi irra deddeebii yaadaa fa'i.

Dogoggora irra caalaatti uumaman:

Qabxii barattootaa sororsame dabalee keessatti maxxanfameen gabatee tokko fuula 37 keessatti ulaagaa madaallii gidduu galeeffachuun haala armaan gadiin adda bahanii tarreeffamaniiru.

- Qubeessuu
- Sirna tuqaalee
- caasluga
- walta'insa
- Qubguddeessa
- Filannoo jechootaa

Maddi dogoggoraa barreeffama barattoota kanneeniis akka armaan gadii akka ta'an bira ga'ameera.

1. Shaakala fedhii fi kaka'umsa keeyyata barreessuu dhabuu barattootaa
2. Yeroo keeyyata barreessan (shaakalan) xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu fi dogoggora uumamuuf dhimma dhabuu.
3. Mana barnootaa sadarkaa gadaanaatti (1ffaa)tti seeraan barsiifamuu dhabuu barattootaa.
4. Lakkoofsi barattoota daree tokko keessatti argaman baay'achuu fi tokko tokkoo barataaf yaada (duubdeebii) kennuun akka rakkisaa ta'e.

## 5.3 Yaada Furmaataa

Dogoggora gama keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu barattootaa uumame irratti furmaata barbaaduun dogoggorichi akka sirraa'aa deemu taasisa. Dogoggora uumameef qabxiileen armaan gadii furmaata ta'uu malu yaadonni jedhaman kaahamaniiru.

- Barsiisonni sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa keessatti Afaan Oromoon barsiisaa jiran dhimmamuun yeroo barattoonni keeyyata barreessuu shaakalan akka isaan fedhii qabatanii barreessan jajjabeessuu fi kakaasuu.
- Sadarkaa kanatti keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu dadhabuun barattootaa hanqina guddaa waan ta'eef, qaamni dhimmi kun ilaalu hundi gumaacha barbaachisaa ta'e gochuun murteessaa dha.
- Lakkoofsi barattootaa sadarkaa 1ffaa daree tokko keessatti baratan kan madaalame (hin baay'anne) gochuun beekumsaa fi dandeettii keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu barattootaa akka cimaa deemu gochuu.
- Hanga danda'ametti yeroo shaakala keeyyata barreessuu barsiisonni duub deebii (yaada sirreeffamaa) barattoota isaaniif kennuu.
- Barattoonni barreessuu yeroo shaakalan dogoggora uumamuuf dhimma dhabuu dhiisuun xiyyeeffannoo kennuu.
- Mana barnootaa sadarkaa gad-aanaa (tokkoffaa) keessatti barattoonni seeraan akka isaan barsiifaman gochuu.

Walumaa galatti, barattoonni Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa Afaan Oromoo fi Og-barruu baratan dogoggoroota uumanii fi bargaaffiin odeeffannoon funaanamee bira gahame Yuunivarsiitii Jimmaa qofatti kan uumamu ta'uu dhiisuu waan danda'uuf,

Yuunivarsiitotaafi manneetii barnootaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman mara keessatti xiyyeeffannoon itti kennamuun barsiisonni afaanicha barsiisanis gumaacha guddaa akka gochuu qaban barbaachisaafi murteessaa dha.

## WABIILEE


Addunyaa Barkeessaa. (2010). Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa.

Atkins J, Hailom, B and Nuru, M. (1996). Skill Developmenyt Methodology (part 2). Department of Foreign Language and Literature Institute of Language Studies.Addis Abeba University Printing Press.

BaddiluuWaajjiraa. (1996). Besine Tsihuuf Quwaanquwaan Mastamaar.Finfinnee: Commercial Printing Press.

Brown, H.D. (1993). Principles of language learning teaching.. London. Pretice Hall.

Brown, H.D. (2007). Principles of language learning teaching. U.S.A. New Jersey: Pretice Hall.

Byrne, D. (1988). Teaching Writing Skills. New York : Longman.

Caicedo, M. C. M.. (2009). Native language interference in learning English as a foreign language: an analysis of written material produced by Spanish speaking students in Senior High School classes, pp 1-123.

Carson, J. (2001). Second language writing and second language acquisition.In T. Silva and P. Matsuda (Eds.), On second language writing, Mahwah, NJ: Lawrence Erlbaum Associates. Pp 191-200.

Corder, S. P. (1974).Error Analysis. In J. P. B. Allen and S. P. Corder (eds.) Techniques in Applied Linguistics (The Edinburgh Course in Applied Linguistics: 3). London: Oxford University Press.

Geetaachoo Rabbirraa.(2009). Furtuu Seerluga Afaan Oromoo. Kuraz international Piblishing Enterprise.

Glenco e.(1996). Grammar and Composition.Writers Choice.Printed in USA.

James, C. (1998). Errors in language learning and use.Exploring error analysis. LongmaLondon-Newyork.Accesseon5/10/2016.Retrievedfrom: www.springerlink.com/index/qlm7784588u51680.pdf.

Kroll B. M., and Schafer, J. C. (1978).Error-analysis and the teaching of composition.College composition and communication, pp 2442-248.

Karol, T. (1990).Writing.London: Oxford University Press.

Kathlen, T.(1997).The Writers Express. Hougton: Mafflin Company.

Kelly, J. (1998). Aguid to Better Writing. New York: Bristol Community College.

Kwok, H. L. (1998). Why and when do we correct errors? An error correction project for an English composition class.Accessed on:16/10/2016.Retrieved from: httpp://sunzil.lib.hkuu.hk/hkjo/view/45/4500101.pdf.

Langan, J. (2005). College writing skills: six edition. New York; MC Grahwill companies.

Nation, I. S. P., and Newton J. (2001).Teaching EFL listening and speaking. New York: Routledge.

Norrish, J. (1987). Language learning and their errors, pp 7-8. London: Macmillan publisher Ltd.

Raimes, A.(1983).Techniques In Teaching Writing. Oxford:Oxford University Press.

Tafarii Ayyaanaa. (1998). AfaanOromookutaa 7-10: printed by brannnapp 45-87.

Troyka, Q. (1995). Simon &Schuster.Hand book for writers. Fourth edition.

Wasanee Basha’aa. (1996). SeerlugaAfaanoromoo: finfinnee Far East Trading PLC.

## Dabaleewwan

## Qormaata Barattootaaf Dhiyaate

**Qajeelfama: Himoota ijoo keeyyata armaan gadii keessaa tokko filachuun akkaataa seera barreeffama Afaan Oromoo eeguun keeyyata tokko barreessi.**

A. Seenaa jireenya kee
B. Faayidaa Afaan ofiin barachuu
C. Bu'aa barnootaa
D. Bosona

## Afgaffii Barsiisotaaf Dhiyaate

1. Barattoonni Yuunivarsiitii Jimmaa digirii jalqabaa waggaa lammaffaa dame Afaan Oromoo fi Ogbarruu baratan rakkoo keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu qabuu?
2. Barattoonni yeroo keeyyata barreessan dogoggora uumaniif sirreeffamni hagam kennamaaf?
3. Yemmuu keeyyata barsiiftan barattoonni keessan tooftaalee keeyyata babal'isuu xiyyeeffannoon akka shaakalan nii taasiftuu?
4. Barattoonni kunniin yemmuu keeyyata Afaan Oromootiin barreessan (shaakalan) dogoggora barreeffamaa maal maalfaa uumu?
5. Gosoota dogoggoraa yemmuu keeyyata Afaan Oromootiin barreessan irra caalaatti mul'atan kanneen akkamiiti?
6. Dogoggora yemmuu keeyyata Afaan Oromootiin barreessan uumamuuf ka'umsi isaa maal ta'uu danda'a jettanii yaaddu?
7. Dogoggora barreffama uumameef sirreessuufi tooftaaleen barbaachisoo maal ta'uu danda'a?

## Bargaaffii Barattootni Kennan

Bu'aa Barnootaa

Barnoonni Bu'aa heddu qaba. Barnoonnii Daawwii dhalli namaa
Barnaoonni ittin of ilaallatudhaa. Barnoonni damee qaroominaa
keessatti ittin of ilaallatudhaa. Barnoonni damee gargaaramu keessaa isa tokko
Barnoonni karaalee beekumsi ittiin argatamu keessaa isa tokko
dha. Barnoonni kan ittiin maalummaa ofii, beekumsa ofii ittiin
ibsachuuf kan nama gargaaruudha. Kanaaf, barnoonni bu'aa
heddu qaba jechuudha. Bu'aan barnootaa argamu kana jen-
nee ibsuudhaf nurakkisa. Sababni isaas, barnoonni bu'aa
heddu waan qabuuf. Egaan walumaa galatti
Barnoonni ba'aa heddu qaba jechuudha. Tokko isee fayyada-
muutu siniidha.

Qu- Qubeessuu
ST- Sirna Tuqaalee
Qg- Qubqudduessa
CA- Caasluga
FJ- Filannoo Jechootaa

Sirri yoo ta'u
Irra deebi'i jabaadhu
Barnoota jabaadhu!

# Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Ilaalame (QabxiiKenname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | | ✓ | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | | ✓ | | | |
| 3 | Qubguddeessa | | ✓ | | | |
| 4 | FilannooJechootaa | | ✓ | | | |
| 5 | Caasluga | | ✓ | | | |
| 6 | Walta'insa | | ✓ | | | |

$\frac{6}{18} = \frac{33}{100}$

42

# Bu'aa barnootaa

Irra deddeebii yaadaa

Barnoonni bu'aa guddaa qaba; bu'aan isaa heddu dha.
Barnoonni kan ittiin ilaalcha barattootani dha, taa'onii beekum-
saa guddaa kan namoota kennu dha. (hin hubatamu)
waliigalummaa qaba dandeessi waan hubachiisuu nama
namaa qida.

Yaada kennuuf nama rakkisa

hubannoo qabaa qabaachuu fi qorannoo, qorannoo fi qaamo
qaba dandeessi.
Kanaafa bu'aa barnootaa waliigalummaa qaba dandeessi
qumma waan dolsso barnootanni dhaloota qubeechin beekumsa
kan hubachiisaandha.

Seera keeyyanni ittiin barreeffamu
kan eege miti. Hima himaan
(Qabxii qabxiidhaan) kalaamee jira)

4.2

# Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Ihalame (QabxiiKenname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | ✓ | | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | ✓ | | | | |
| 3 | Qubguddeessa | ✓ | | | | |
| 4 | FilannooJechootaa | ✓ | | | | |
| 5 | Caasluga | ✓ | | | | |
| 6 | Walta'insa | ✓ | | | | |

$\frac{0}{18} = \frac{0}{100}$

413

# Bu'aa Barnootaa

Faayidaan barnootaa ibsuuf utuu kaanee xumurrii isaa kana jennee waan keenyuu yookaan daanfaa kana konaaf nu barbaachi sa jennee kaa'uu hindandandeenyu. Garuu, faayidaa isaa keessaa ulovreen anfaafaji beekamuu fa'aan tokko lomaan tarreessuu yaalaa.

. Akkumaa beekamuu barnoonni faayidaa heddu uudhala nomaa. Addanyaa kanorraa jiraatuf kennee jiraa) fakkeenyaaf bu'aan Teekno olojii adda addaa kan akka Tiyyaa OMishaaf balaalchidu, Konkolaata, foichuu, Doctoraa, barsiisaa fa'ubu'aalee barnoof aan argamaniidha jechuudha.

Kana gofaa ojoo hin taane namni indinaraa fa'ee Samoo adda addaa ijaaruun illee bu'aa barnootaati

Waalumaa facaatti barnoonni ibsituu dooffmmaati fi gaatuu dhaa namaahundaati yoo jennee kan mal nama faafachidu miti kanaafuu bu'aa barnoonnidhaala namaaf kennuu heddu dha jechuudha.

Waljooftama haala dhugaa barrii kun keeyyata miti. Barruu guutuudha.

keeyyata kana fofatu ilaala-me

4r3

# Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Ilaalame (QabxiiKenname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | | ✓ | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | 0 | | | | |
| 3 | Qubguddeessa | | ✓ | | | |
| 4 | FilannooJechootaa | | | ✓ | | |
| 5 | Caasluga | | ✓ | | | |
| 6 | Walta'insa | | | ✓ | | |

$\frac{7}{18} = \frac{39}{100}$

4.6

Bu'aa barnootaa

- Barnoonnii buu'an°unni qabuu waan hinbeekne tokkoo baruuf nama gargaara: waan tokko namni baratee beekumsa qabuu gowwoomfamuu hin danda'u. waan ta hinbeekne tokkolle dhaloonni duraxenya jiranilee xannuti hinbeekne ogaatanii jiraie, ogbarruunidee baruu dhandenya. walumaa galatti, barnoonni dhala namaa tif isa barbaachisaa ta'edha.

423

# Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Ilaalame (QabxiiKenname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | | ✓ | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | 0 | | | | |
| 3 | Qubguddeessa | | ✓ | | | |
| 4 | FilannooJechootaa | | | ✓ | | |
| 5 | Caasluga | | ✓ | | | |
| 6 | Walta'insa | | | ✓ | | |

$\frac{7}{18} = \frac{39}{100}$

4.7

# Faayidaa Afaan Ofiin barachuu

Faayidaan afaanii ofiin barachuu eegaachuumaa beekamuu
fubee afaan ofiin barachuu faayidaa guddaa akka qabu
hubanna. Kanaafuu, afaan ofiin barachuun milka'inaa
fabee afaan Oromoo keessaa isa guddaatti barbaachisa
akka tase hubachuu ni dandeenya. Haata'umalee, fubee
afaan ofii irraa waan guddaa baruuji barsiisuu illee ni barban-
na. Walumaagalatti, faayidaan afaan ofiin barachuu
waan guddhaa fiburuura akka dhaloota dhalootaatti kandarbu
ta'uu isaa hin oolu.

WU – faalta'insa

CA – Caasluga

## Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Haalame (QabxiiKenname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | | ✓ | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | | | ✓ | | |
| 3 | Qubguddeessa | | | ✓ | | |
| 4 | FilannooJechootaa | | | ✓ | | |
| 5 | Caasluga | | | ✓ | | |
| 6 | Walta'insa | | | ✓ | | |

$\frac{11}{18} = \frac{66}{100}$

4.1D

Bosona

Ijjamiti

Caasluma

Faayidaa ~~Boon~~ Bosonaa fabu heessat- yemmuu Haala

Faayidaa guddaa qaba: mijommaa biyyaa keenya

heessaa isaa tekiko fiff yemmuu foruu, hin xumuru

Bosonni biyyaa keenyaa baayyee barbaachisaadha

Dhaalinama hunni bosonaa malee jiraachuu hin

danda'aa.

Bosonni yoo jiraate malee faa'i argachuu hin

Yaada keennuf baay'ee

nama rakkisa

4.10

**Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu**

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Ilaalame (QabxiiKenname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | ✓ | | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | ✓ | | | | |
| 3 | Qubguddeessa | ✓ | | | | |
| 4 | FilannooJechootaa | ✓ | | | | |
| 5 | Caasluga | ✓ | | | | |
| 6 | Walta'insa | ✓ | | | | |

$\frac{0}{18} = \frac{0}{100}$

4.14

Bu'ka

- Buaa Bannootua

walhinsimam

baayi'ee erga ta'e, bamoo feenxee fayyadamuu sirrumiti

- Bannoonni Buaa baayee Qaba. Isniis: dandeettii Barreessuu
Si dubbisuu keessatti jahee ta Juddee Qaba. Isaanis
Qaannii Bannaatee Waan hundaa Korraa Salphaa hubbachu
dandaa
haala hawaasumaa keessatti

24.1[illegible]

# Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Madaalame (QabxiiKennname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | | ✓ | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | | ✓ | | | |
| 3 | Qubguddeessa | | ✓ | | | |
| 4 | FilannooJechootaa | | ✓ | | | |
| 5 | Caasluga | | ✓ | | | |
| 6 | Walta'insa | 0 | | | | |

5/18 = 28/100

Bu'aa Barnoota

Barnoonni faayidaa heddu qaba. Faayidaan barnoonni dhalaa nama kennu: muxannoo qaha nama kennaa, sammuu nama karoorsaa, bakka itti Afaan hiikaatanii, bakka beekaan itti walaloo itti baratu, bakka itti qaroomni cimuu fi kkf. kaasuu ni dandeenya. fanaafuu, Barumsiin hundee beekumsaa ta quddinaattii.

caasluga

caasluga

Hanfina ragaa dhiyeessuu qaba. (yaada).

Mana barumsaa waan ibsaa siru fakkaata.

## Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Ilaalame (QabxiiKenname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | | ✓ | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | | ✓ | | | |
| 3 | Qubguddeessa | | ✓ | | | |
| 4 | FilannooJechootaa | | ✓ | | | |
| 5 | Caasluga | | — | | | |
| 6 | Walta'insa | | ✓ | | | |

$\frac{6}{18} = \frac{33}{100}$

Faayidaa afaan ofiin barraachuu

Faayidaan afaan ofin barrochuu buraa heedhu Jaba. Afaan ofiin kan baratamuuf innii guddaafi bu'ura gabeessa kan tahe calafee Lammii tokko kan ibsuudha. Kanaafuu, afaan ofii keessatti adda fi didhaa ofii barrochuu fi of beekuu uumaa tasceti afaan ofin barrochuun murteessadha.

## Ulaagaa Madaallii Ittiin Qabxiin Kennamu

| Lakk | GosaDogoggoraa | Ulaagaa Dogoggorichi Ittiin Ilaalame (QabxiiKenname) | | | | % Dhaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | |
| 1 | Qubeessuu | ✓ | | | | |
| 2 | SirnaTuqaalee | | ✓ | | | |
| 3 | Qubguddeessa | | | ✓ | | |
| 4 | FilannooJechootaa | | | ✓ | | |
| 5 | Caasluga | | ✓ | | | |
| 6 | Walta'insa | | | ✓ | | |

$\frac{9}{18} = \frac{50}{100}$

**Ulaagaa madaallii ittiin qabxiin kennamu**

| Lakk | Gosa dogoggorichaa | Ulaagaa dogoggorichi ittiin ilaalame | | | | Baay'ina | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 0 | 1 | 2 | 3 | Lakk | % |
| 1 | Qubeessuu | | | | | | |
| 2 | Sirna tuqaalee | | | | | | |
| 3 | Qub-guddeessa | | | | | | |
| 4 | Filannoo jechootaa | | | | | | |
| 5 | Caasluga | | | | | | |
| 6 | Wal-ta'iinsa | | | | | | |



